

Dambii Lafa Magaalaa Naannoo
Oromiyaa Liiziin Bulchuuf Bahe Lakk.

155/2005

Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa

Liiziin Bulchuuf Bahe Lakk.155/2005.

Sirna misooma fi manajmantii lafa magaalaa imaammata biyyaattii waliin walsimsiisuun mirga itti fayyadama lafaa karaa iftoominaa fi ittigaafatamummaa qabuun sirna liiziidhaan bulchuun barbaachiisaa ta'ee waan argameef;

Labsii liizii lafa magaala haala qabatamaa naannoo keenya wajjin wal-simsiisuun hojii irra oolchuun, misoomaa fi itti fayyadama lafa magaalaa irraa ummanni fayyadamaa akka ta'u taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Akkaata Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahe lakk. 721/2004 keewwata 33 keewwata xiqqaa (2) tiin Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa dambii kana baasee jira.

Kutaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Dambiin kun “**Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf bahe Lakk. 155/2005**” jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee dambii kana keessatti;

1. **”Naannoo”** jechuun Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuu dha.
2. **”Biroo”** jechuun Biirroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaati.
3. **”Labsii”** jechuun Labsii Mootummaa feederaalaa Lafa Magaalaa haala Liiziin itti qabamu murteessuuf bahe Lakk. 721/ 2004 jechuu dha.
4. **”Liizii”** jechuun sirna waliigaltee daangaa yeroon murtaa'eetiin mirgi itti fayyadama lafa magaalaa ittiin darbu yookiin gosa sirna qabiyee lafa

magaalaa itti qabamu jechuudha.

5. **"Magaalaa"** jechuun ummata 2000 fi isaa ol keessa kan jiraatu ta'ee; jiraataa magaalaa keessaa dhibbentaa shantama (%50) fi isaa ol kan ta'u, jireenyi isaa qonnaan ala kan ta'e jechuu dha.
6. **"Lafa magaalaa"** jechuun Lafa daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti argamu jechuu dha.
7. **"Qabiyyee durii"** jechuun lafti magaalaa sirna liiziitiin buluu eegaluun dura, haala seera qabeessa ta'een qabame yookiin qabiyyee sirna liizii ala akka itti fufu seeraan beekamtiin keennameef yookin liiziin hojii irra erga oolee booda namoota qabiyyee lafa durii irraa buqqa'aniif lafa bakka buufamee keenname jechuu dha.
8. **"Qabiyyee durii waraqaa abbaa qabiyyummaa hin qabne"** jechuun qabiyyee akkaataa seeraatiin qabame yookiin qabiyyee beekamtiin keennameef ta'ee, qaama dhimmi ilaalu irraa ragaa abbaa qabiyyummaa kennamu kan hin qabne jechuudha.
9. **"Qabiyyee seeraan alaa"** jechuun qabiyyee lafa magaalaa qaama dhimmi ilaaluun osoo hin hayyamamin qabame jechuu dha.
10. **"Caal-baasii"** jechuun Bu'uura ulaagaa qophaa'een sirna lafti magaala dorgommii liiziidhaan ittiin darbu jechuu dha.
11. **"Caalbaasii addaa"** jechuun Dorgomaan caalbaasii tokkos dhiyaatu, gosa caalbaasii Pirojaktoota labsicha keessatti faayidaa addaa biyyaaf qaban jedhamaniif haala lafti caal-baasiin itti kennamu jechuu dha.
12. **"Garee caal-baasii raawwachiisu"** jechuun hojjattoota mootummaa seera hojjattoota mootummaa irratti hundaa'uudhaan dhaabbataan qacaramanii fi ogeessota ogummaa barbaadamu qaban kan of-keessa qabu caalbaasii liizii lafaa akka raawwachiisanii fi haala akka mijeessan hojjattoota garee keesssatti ramadaman jechuu dha.
13. **"Lafa faayidaa ummataaf ramadamu"** jechuun ummatni kallattiin yookiin al-kallattiin mirga itti fayyadamummaa lafa irraa qabu mirkaneessuu fi misooma hawaas-diinagdee itti fufiinsa qabu akka argatu taasisuuf qaamnni dhimmi ilaalatu pilaanii magaalaaa bu'uura godhachuudhaan lafa faayidaa ummataaf murteessu jechuu dha.
14. **"Ramaddii"** jechuun Nama yookiin Piroojaktoota caalbaasiin

keessummeeffamuu hin dandeenyeef faayidaa gama hawaasummaa fi dinagdeen qaban madaaluun dorgommii caalbaasii liiziin ala haala lafti liiziin itti kennamu jechuu dha.

15. **"Ka'umsa gatii liizii"** jechuun baasii bu'uuraalee misooma gurguddoo diriirsuuf barbaachisu, qabeenya lafichaa irra qubatee jiru kaasuuf yookin beenyaa namoota laficha irraa ka'aniif kaffalamuu fi baasiwwan biroo tilmaama keessa kan galche gatii ka'umsa liizii lafaa jechuu dha.
16. **"Zoonii Gatii"** jechuun gatii ka'umsa liizii, sadarkaa fi gosa tajaajila lafa magaalaa irratti hundaa'ee kaartaan daangeeffamee zoonii gatii liizii lafaa qophaa'u jechuu dha.
17. **"Gatii mirgi liizii ittiin darbu"** jechuun lafa liizii ijaarsi osoo irratti hin gaggeefamin yookin ijaarsi walakkaa fi walakkaa gadi irra qubate, mirga itti fayyadama liizii lafaa akkaataa seeraatiin dabarsuuf qaama aangoo qabuun gatii ol'aana naannoo lafti caalbaasiif dhiyaate itti argamu bu'ureeffachuun kan murtaa'u jechuu dha .
18. **"Mana"** jechuun mana haala seeraa qabeessa ta'een tajaajila kamiifiyuu ijaarame yookiin mana ijaramaa jiru jechuudha.
19. **"Ijaarsa walakkaa xumuruu" jechuun:-**
 - a. Viillaa yoo ta'e; bu'uura baasuu; hojii kolonii fi baaxiif barbaachisu xumuruu;
 - b. Gamoo yoo ta'e; hojii bu'uuraa fi hojii solleettaa darbi hunda dhibbeentaa shantama (harka shantama) kan ta'u raawwachuu yookiin;
 - c. Riil Isteetii bilookiin ijaaramu yoo ta'e; akkaataa barbaachisummaa isaatti bilookiwwan hunda irratti haala keewwata kana keewwata xiqqaa "a" yookiin "b" jalatti ibsameen ijaarsa raawwachuu jechuu dha.
20. **"Ijaarsa xumuruu"** jechuun lafa liiziin kennname irratti haala heeyyama ijaarsaa kennnameen mana ijaaramee fi qaama dhimmi ilaalu irraa hayyama itti fayyadamaa argatee tajaajilaa kennuuf kan qophaa'e jechuudha
21. **"Qonnaan bulaa"** jechuun nama mirga itti fayyadama lafa baadiyaa seeraan qabaatee, galii laficharraa argamuun ofisaa fi maatiisaa kan bulchuu jechuudha.
22. **"Horsiisee bulaa "** jechuun nama lafa baadiyaa dheedinsa margaat qabatee

beeylada kan horsiisu,jireenyi isaaaf maatiisaa irra caalaan beeyladaa fi bu'aa beeyladaarratti kan hundaa'ee jechuudha.

23. **”Gamisa Horsiisee Bulaa”** jechuun nama lafa baaddiyaa seerraan qabatee, jireenyi isaa hojii qonnaa fi horsiisuu irratti kan hundaaye jechuudha
24. **”Yeroo Haragalfannaa”** jechuun namni lafti liiziin hayyamameef yookiin namni qabbiyyeen seeraa ala akkaataa qajeelfama bahuun seera-qabeessa taasifameef, kaffaltii duraa erga kaffalee booda, gatii liizii waliigalaa keessaa kaffaltii waggaan kaffalamu jalqabuun dura kafaltii irraa bilisa ta'ee akka yeroo kennamuuf jechuu dha.
25. **”Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin dhaabbata seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuudha.

3. Ibsa Korniyaa

Dambii kana keessatti korniyaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

1. Dambiin kun;
 - a. Lafa magaalaa namaan hin qabamne;
 - b. Lafa magaalaa sagantaa deebisanii misoomsuu magaalaatiin akka misoomu taasifamuu;fi
 - c. Qabiyyee durii liiziin akka qabamu gaafatame eyyamame kamiyyuu irratti raawwatiinsaa ni qabaata.
2. Qabiyyeewan durii kan biroo irratti, bu'uura keewwata 6 labsiichaatiin raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Lafa Magaalaa Liiziin Bulchuu

5. Lafa magaala liiziin kennamuu fi pilaanii magaalaa

1. Dambii kana keewwata 7 jalatti kan tumaan akkuma eegamanitti ta'ee, lafti magaalaa kamiyyuu kan qabamu seera liiziitiin qofa ta'a.
2. Lafti magaalaa liiziin kan kennamu caalbaasiidhaan yookiin ramaddiidhaan ta'a.
3. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1 fi 2) tiin lafti liiziin kan heeyyamamu pilaanii magaalaa bu'uureefachuun ta'ee, ummataaf ifa taasifamuu qaba.

6. Magaalota Liizii Keessa Galan

1. Magaalonni naannicha keessatti argaman bu'uura Labsiichaa keewwata 5 keewwata xiqqaa (4) jalatti tumameen waggaa Shan keessatti guutummaa guututti gara sirna liiziitti akka galan ni taasifama.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame akkuma egametti ta'ee bu'uura dambii kanaatiin magaalonni sirna liizii keessa hin galle, akkaata Biiroon qoratee Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif dhiheessee murtaa'uun, sirna liizii keessa kan galan ta'a.
3. Keewaata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, gabatee magaalota liiziin bulan agarsiisu keessatti magaalonni tarreefaman seera liiziitiin akka bulan murtaa'ee jira.

Gabatee Magaalota Liiziin Bulan Agarsiisu

Garee	Magaalota
1 ^{ffaa} Magaalota (9)	Buraayyuu, Sabbata, Sululta, Lagaxaafuu-Lagadaadhii, Galaan, Dukam, Bishooftuu, Adaamaa fi Shashamannee
2 ^{ffaa} Magaalota (11)	Moojo, Naqamtee, Jimma, Asallaa, Waliso, Amboo, Bishaan-Guraacha, Sandaafaa-Bakkee, Baatuu, Hoolataa fi Mannaagashaa,
3 ^{ffaa} Magaalota (24)	Boqojjii, Dodolaa, Arsii-Nageelee, Goobba, Roobee, Ginniir, Yaa'a-balloo, Bulee- Horaa, Nageelee, Adoolaa, Haroomaayaa, Dadar, Awadaay, Ciroo, Badeessaa, Shaambuu, Mattuu, Baddallee, Dambiidoollo, Aggaaroo, Mataaharaa, Fiichee, Gimbii fi Najjoo.

4. Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, magaaloota dambii kanaan sirna liizii keessa hin galle keessatti, lafti kan kennamu gatii ka'umsa tilmaama kiraalafaa kan waggaan kaffalamu irratti hundaa'ee caalbaasiidhaan ta'a.
5. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti tumameen lafa kennameef, waraqaan abbaa qabiyyee kennamu akkaataa seera kiraatiin ta'a.
6. Bu'uura keewwata kana keewwat xiqqaa (5) jalatti tumameen lafa kenname misoomsuu fi misoomsuu dhabuun tarkaanfin fudhatamu akkaataa dambii kana keessatti tumameen ta'a.
7. Murtee Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa dabarsuun lafa daangaa magaalaatiin ala argamuu fi faayyidaa misoomaa addaa qabu sirna liiziitiin akka bulu taasisuun ni danada'ama.

7. Bulchiinsa qabiyyee durii

Labsiicha Keewwata 6, keewwata xiqqaa (3, 4 fi 6) jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, qabiyyeen durii hanga qorannoon akka biyyaatti gaggeeffamee murtaa'utti seeraa kiraatiin buluun isaa, akkuma jirutti kan itti fufu ta'a.

8. Bulchiinsa qabiyyee durii warraqa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee

1. Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee fi karaa seera qabeesa ta'een qabamee tajaajila mana jirenyaaf oolaa jiru, hanga kaare meetira 500 hayyamameef akkaataa qabiyeer durii tiin kiraadhaan kan bulu ta'a;
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, kanneen qabiyyeen isaanii kaare meetira 500 gadi ta'eef kanuma qabatanii jiran irratti waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa ni kennamaaf;
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, lafti kaare meetira 500 ol jiru kan irraa fudhatamu yoo ta'e, qabeenya qabiyyicha irra jiruuf beenyaan ni kaffalamaaf.
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, lafti kaare meetira 500 ol irra jiru citee faayyidaa biroof ooluu kan hin dandeenye yoo ta'e gatii ka'umsa liiziitiin kennamuufi ni danda'a
5. Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabnee kan tajaajilli isaa mana jirenyaaf hin ta'iniif hangi bal'ina lafaa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa irratti kennamuu akkaataa istaandaardii bahuun

gosa tajaajilichaaf murtaa'uun ta'a;

6. Qabiyyee durii waraqaa abbaa qabiyyummaa hin qabne fi tajaajilli isaa mana jirenyaa fi dhaabbataaf /wal makaa/ yoo ta'e, qabiyyee waliigalaa keessaa gosa tajaajilaa dhebbentaa shantamaa ol qabate gosa tajaajilaa lafichaa ta'ee fudhatama

9. **Qabiyyeewan seeraan alaa**

1. Bulchiinsi magaalaa ijaarsa seeraan ala ijaaramee fi ijaaramaa jiru diigee qaama kana raawwate irratti tarkaanfi seeraa qabeessa ta'e fudhachuuf aangoo qaba.
2. Sababa adda addaatiin qabeenyi qabiyyee seeran ala irra jiru akka ka'u bulchiinsa magaalaatiin yemmuu murtaa'u beenyaas ta'e, lafti bakka bu'insaa hin kennamuuf.
3. Keewwata kana keewwata 1 fi 2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, qabiyyeewan seeraan ala qabamanii tajaajila mana jirenyaaaf oolaa jiran pilaaniin fudhatama kan argatan yoo ta'e akkaataa istaandardii magaalichaatiin ulaagaa qajeelfamaan bahu irratti hundaa'ee yeroo tokkoof seera qabeessa ta'uun sirna liizii keessa galu.
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, qabiyyeewan seraan alaa tajaajila mana jirenyaa ala ta'eef kan qabame istaandardii tajaajilichaaf murtaa'uun fudhatama kan argatu yoo ta'e, gatii ka'umsa liizii gosa tajaajilichaaf taa'een gara sirna liiziitti kan galu ta'a
5. Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 fi 4 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Magaalaa sirna liizii keessa hin galle keessatti qabiyyeen seeraan alaa seera qabeessa ta'uun gatii kiraaf lafaa gosa tajaajilichaaf waggaan kaffalamu gatii ka'umsa liizii ta'ee sirna liizii keessa gala.
6. Qabiyyee seeraan alaa irraa lafti istaandardii murtaa'een ol ta'ee muramu faayidaa kan biraaf kan hin oolle yoo ta'e, gatii liizii ol'aanaa naannawaa sana jiruun kennamuufi ni danda'a
7. Bu'uura Keewwata kana keewwata xiqqaa 3' tiin, qabiyyeen seeraan alaa ijaarsi irratti geggeefame pilaaniin fudhatama argate qajeelfama bahuun seera qabeessa taasisuun gara sirna liiziitti yemmuu galu:
 - a. Akaakuu yookiin gosa tajaajilaa pilaanii irratti kaa'ameen, gatii ka'umsa liizii bu'uureeffachuun waliigalteen kan mallatteeffamu ta'a.
 - b. Barri waliigaltee bu'uura daangaa yeroo tajaajilichaaf murtaa'een ta'a.

- c. Barri waliigaltee lakkaa'amuu kan eegalu; guyyaa waliigalteen taaasifame irraa eegalee ta'a.
- 8. Bu'uura labsicha keewwata 20 keewwata xiqqaa 2 jalatti tumameen kaffaltiin duraa kan irratti raawwatamu ta'ee, yeroo laficha qabate irraa eegalee kiraan lafaa irra jiru hunda al-tokkootti kaffaluu qaba.
 - a. Kaffaltiin duraa erga kaffalamee booda kaffaltiin liizii hafu bara liizii hafu keessatti bara baraan walqixa kaffalamee kan raawwatamu ta'a.
 - b. Keewwata kana keewwata xiqqaa 8 (a) jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, Al-tokkotti yookiin yeroo kaffaltiif taa'e dura kaffalee xumuruuf mirgi isaa kan eegame dha.
 - c. Abbaan qabiyyicha akkaataa pilaaniin gaafatuun ijaarsa gaggeessuuf waliigaltee mallateessuu qaba.
- 9. Keewwata kan keewwata xiqaa 3 hanga 8 tiitti kan tumaamee akkauma eeggamatti ta'ee qabiyyeen seeraan alaa guyyaa dambiin kun raga'ee irra kaassee ijaaramee ulaagaa dambiin kanaan tumamee gutullee, haala kamiinyuu seera qabeessa taasiisuun hin danda'amu.

10. Qabiyyee durii sirna liiziitiin bulchuu

- 1. Qabiyyeewan durii dhaalaan ala haala kaminiyyuu qaama 3^{ffaa}tti darban sirna liizii keessa kan galan gatii ka'umsa liiziitiin ta'ee;
 - a. Tajaajilli qabiyyee durii akkaataa pilaanii kan murtaa'uu ta'ee barri walii galtees bara liizii dambii kana keessatti tajaajilichaaf murtaa'een ta'a;
 - b. Qabiyyichii tajaajila kennaa kan ture dhaabbataa fi mana jirenyaaif yookin lamaaniifuu yoo ta'ee, walii galteen kan raawwatamu akkaataa itti fayyadama pilaaniin agarsiisuun ta'a.
 - c. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, Pilaaniin fudhatama kan argatu yoo ta'e waliigalteen kan raawwatamu tajaajila bitataan filateen ta'a.
 - d. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(c) jalatti kan tumamee akkauma eegametti ta'ee, bitataan qabiyyicha akkauma jiruun akka ittii fufu fedhii qabaatee, pilaanii kan hin faallesine yoo ta'e, waliigaltee kan seenu tajaajila lafa bal'inaan qabateen ta'a.
- 2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumamee akkauma jirutti ta'ee, bal'inni lafaa fudhatamu kan sanada irra jiru ta'a.

3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumamee akkuma eegametti ta'ee, bal'inni lafa safaramee argame sanada irra kan jiru kan caalu yoo ta'e, qajeelfama bahu irratii hundaa'ee kan irraa muramu ta'a; yookiin haala pilaanii wajjiin kan wal-simu yoo ta'e xiinxalamee kan eeyamamuuf ta'a.
4. Bal'inni lafa safaramee argamee sanada irra kan jiruu gadii yoo ta'e, hanga bal'ina lafa safaramee argame qofti kan mirkannaa'uuf ta'a.
5. Kaffaltii wagga ilaachisee kafaltiin kiraan duraan waggaatti kaffalamaa turee hafee gatiin ka'uumsa liizii bal'ina lafichaan baay'ifamee mallaqni argamu daangaa yeroo kaffaltii tajaajilichaaf taa'eef hiramee wagga-waggaan ni kaffalama.
6. Qabiyyeen durii dhaalaan alaa gara qaama sadaffaatti yemmuu darbu; qaamni sadaffaa kaffaltii duraa akka kaffalu kan hin dirqisiifamne yoo ta'u;
 - a. Abbaan mirgaa gaaffii hara-galfannaa barreeffamaan yoo dhiheesse; qaamni waliigaltee liizii waliin mallateesse, yeroo hara-galfannaa wagga lamaa hin caalle kennuufi ni danda'a.
 - b. Barri waliigaltee lakkaa'amuu kan eegaluu guyyaa waliigalteen liizii itti mallattaa'e irraa eegalee ta'a.
7. Ga'een lafaa waliinii irratti itti fayyadamni dhuunfaa hanga hin mirkanoofnetti qabbiyyichi dhaalan ala gara qaama sadaffaatti yoo darbu lafa manni irra qubate qofti sirna liiziitiin kan keessumeefamu ta'a.
8. Qabiyyeewan durii fi kan liiziin bulan akka walitti makaman kan hayyamamu; istandaardii qoqqoodinsaa pilaanii kan eege yoo ta'ee:
 - a. Tajaajilli qabiyyeen durii gara sirna liiziitti galu, bu'uura pilaaniin magalaatiin ta'a;
 - b. Qabiyyeen durii gatii ka'umsaa liiziitiin gara sirna liiziitti kan galu ta'ee; gatiin qabiyyee duraan liiziin argame wajjiin walitti ida'uudhaan firiin giddu-galeessan argamu gatii liizii ta'e sirraa'ee qabbiyyichi tokko ta'a.
 - c. Barri liizii, lafa duraan liiziin argamee fi yeroo itti fayyadame yaada keessa galchuun qabiyyee haaraa gara liiziitti galuuf bara liizii hayyamamu lamaan ida'uun giddu-galeessa baasuun kan murtaa'u ta'a.
 - d. Waliigalteen bara liizii durii xumuramuuf waggaan kudhanii fi isaa gadi kan hafu yoo ta'e; gaaffiin walitti makuu fudhatama hin qabaatu.

- e. Kaffaltiin liizii waggaa waggaan kaffalamu haala dambii kana keessatti ibsameen kan raawwatamu ta'a.

11. Qabiyyeewan durii sirna liizii keessa galuu hin qabne

Keewwata 6, keewwata xiiqqa (1) Labsiichaa fi dambii kana keewwata (7) jalatti kan tumamee akkuma eegametti ta'ee, qabiyyeewan durii kanatti aanan sirna liizii keessa hin galan.

1. Abbootii mirgaa qabiyyee durii dhaalaan argatan qoodachuuuf, gaaffii dhiiheessanii qoodinsi akkaataa pilaaniitiin fudhatama argatee yemmuu eeyyamamuuf;
2. Abbaan Manaa fi Haatii manaa wal-hiikan qoodinsa pilaanii fi seeraan fudhatama argatee yemmuu qooddatan;
3. Abbaa Manaa fi Haatii manaa qabiyyee durii qaban yoo wal hiikan yookiin abbootiin mirga dhaalaan qabiyyee durii argachuu danda'an, qabiyyicha irratti murtiin qoodinsaa yoo kennamee fi lamaan keessaa tokkoo yookiin dhaaltotaa keessaa muraasni qabiyyichaaf tilmaama kaffalanii hambifachuu yoo barbaadanii fi akkaataa qoqqoodinsi pilaaniitiin fudhatama kan argate yoo ta'e;
4. Faayidaa ummataaf jecha namoota qabiyyee durii isaanii gadi dhiisaniif lafa bakka bu'iinsaan kennamu;
5. Qabiyyeewan seera qabeessa waraqaa ragaa abbaa qabiyyee hin qabne akkaataa dambii kanaa fi qajeelfama Biiroon baasuun waraqaa ragaa abbaa qabiyyee akka argatan yemmuu taasifamu.
6. Qabiyyeewan Bara Dargii dhaalamanii qaama dhimmi ilaaluun abbaa qabiyyee duriif akka deebi'an yemmuu murtaa'an;
7. Labsichi "Nagaarit Gaazeexaa" irratti maxxanfamee bahuun dura:
 - a. Qabiyyeewan gama Ejansii Piraayveetayizeeshinii Mootummaa Fedaraalaatiin gurguramanii walii-galteen kan irratti raawwate ta'ee, jijiirraan maqaa irratti hin raawwatamin;
 - b. Qabiyyeewan durii waliigalteen gurgurtaa qaama aangoo qabuun galmaa'e yookiin kan mana murtiin ragga'e yookiin kan qaama dhimmi ilaaluuf galii ta'ee jijiirraan maqaa hin raawwatamin;
 - c. Qabiyyee durii Sababa liqiin baankii deebi'uudhabuutiin caalbaasiin gurguramanii jijiirraan maqaa hin raawwatamin.

Kutaa Sadi

Lafa Magaalaa Caal-baasii Liiziin Yookiin Ramaddiin kennuu

12.Odeefannoo Lafa Caalbaasiif Yookiin Ramaddiif Dhiyaatuu Ummataaf Ifa Gochuu

Keewwata (8) labsichaa jalatii kan tumame akkuma eegametti ta'ee, lafti caalbaasiif dhiyaatuu yookiin rammaddiin kan kennamu haal-dureewwan armaan gadii yoo guutamaniidha.

1. Magaalonnii dameewwan misoomaa xiyyeffannoон itti kennamu adda baasuudhaan dandeettii misoomaa lafaa fi dhiyeessa lafa isaanii bu'uura gochuun, waggaa waggaan hanga lafa caalbaasiif dhihaatuu yookiin ramaddiin kennamu karoora waggaa qopheesuun;
 - a. Mana jirenyaaaf,
 - b. Daldalaaf,
 - c. Tajaajila hawaasummaa kan akka Barumsa, Fayyaa, Aadaa, Ispoortii fi kan kana fakkaatan,
 - d. Industirii,
 - e. Qonna magaalaa fi kan biroo jechuudhaan kurmaana 1^{ffaa} bara karoora sanatti karoora dhiyeessii lafaa ummataaf ifa taasisuu qabu.
2. Magaaloni akkaataa karoora isaanii ummataaf ifa godhaniin raawwachuuf dirqamaa fi itti gaafatamummaa ni qabaatu.
3. Gati ka'umsa caalbaasii, gati caalbaasii durii naanawaa sanaa, karoora misoomaa naannawa sanaa fi odeefannoowwan walitti hidhamiinsa qaban haala ummanni ifaa fi salphaatti argachuu danda'utti hojji irra akka oolu ni taasifama. Kana raawwachuun dhabuun itti gaafatamummaa kan hordofsiisu ta'a.

13.Akkaataa Caalbaasiin itti dhiyaatu

1. Caalbaasiin akka amala pirojektichaatti caalbaasi idilee yookiin caalbaasii addaa jedhame adda addattii yookiin bakka tokkotti bahuu ni danda'a;
2. Caalbaasiin idilee keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsamee sagantaa idileetiin kan bahu fi marsaa duraa irratti yoo xiqqaatee dorgomtoonni 3 yoo hin dhihaatin ni haqama.

3. Caalbaasii addaa keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) keessatti kan ibsame, Piroojaktoota bu'uura labsichaa keewwata 11, keewwata xiqqaa (7) fi (8) tiin adda bahanii adeemsa caalibaasiitiin lafa kennamuu fi marsaa duraa irratti dorgomaan tokkos dhihaatu kan itti keessummeefamu dha.

14. Beeksisa Caalbaasii

1. Beeksifni caalbaasii bifaa tarree odeefannoo lafa caalbaasiif dhiyaatu kennuu danda'uun qophaa'uu qaba.
2. Beeksifni caalbaasii idilee Afaan Oromoo fi afaan hojii Federaalaatiin, akkasumas caalbaasii addaa yoo ta'e afaan ingiliffaas dabalatee kan qophaa'u ta'a.
3. Beeksifni caalbaasii yeroo caalbaasiin itti gaggeefamu guyyoota hojii 10 dura sab-qunnamtii mijaa'aa ta'een kan darbu ta'a.

15. Beeksisa Caalbaasii Baasuu

Keewwata 9 Labsiicha irratti kan tumame akkuma egametti ta'e; lafa magaalaa caal-baasiin heyyamuuf, qaama dhimmii ilaallatuun beeksiisni caal-baasii sabqunnamtii mijaa'aa ta'eefi gabatee beeksiisaa irratti uummataaf ibsuu qaba.

16. Qabiyyee fi Dhiyeessa Sanada Caalbaasii

1. Qabiyyeen Sanada caal-baasii tarreffama ragaa caal-baasichaa, gatii caal-baasii fi akkaataa dhiyeessa ulaagaa dorgommii, dorgomtootaaf haala kennu danda'uun qophaa'uu qaba.
2. Fooyya'insi kamiyyuu, qabiyyee caal-baasichaa irratti yoo taasifame fooyyeffamni taasifame dabalataan ragaa caal-baasii ta'ee, dorgomtoota sanada caal-baasii bitatan hundaaf gabatee beeksiisaa irratti, bilbilaan, faaksiinii fi tooftaalee quunnamtii birootti fayyadamuun ibasameefii akka fudhatan ni taasifama.
3. Dorgomaan kamiyyuu akkaataa gabatee yeroo baheen sanada caal-baasii bittaan qofa kan argatu ta'a.
4. Gatiin sanada caal-baasii, caal-baasicha raawwachiisuuf baasii bahe kan bakka buusu ta'uu qaba.
5. Baay'ina bitaa sanada caal-baasii irra daangaan kaa'amu hin jiru. Haa ta'u malee dorgomaan tokko lafa tokkoof sanada caal-baasii tokkoo ol bitaachuu hin danda'u.
6. Sanadini caal-baasii saanduqa caal-baasii keessa kan hin galle yoo ta'e; qaamni sanada dorgomaa irraa fuudhe nagahee kennuufii qaba.

7. Gurguurtaan sanada caalbaasii kan xumuramu guyyaa saanduuqni caalbaasii akka cufamu daangeffame keessatti yeroo hanga sa'aatii 9 keessa jirutti ta'ee, caalbaasichi guyyaa hojii itti aanutti ni banama.
8. Saanduqni caal-baasii Garee raawwachiiftuu caal-baasii fi taajjabaa qaamni dhimmi ilaallatu ramadu tokko bakka jirutti guyyaa keessaa saa'aa 11 tti kan saamsamu ta'a.

17. Wabii Kabachiisa Caalbaasii

1. Dargomaan Caal-baasicha irratti hirmaachuu barbaade kameeyuu wabii kabachiisa caal-baasii qabsiisuu qaba.
2. Hangi kabachiisa caal-baasichaa, gatiin ka'umsa liizii bal'ina lafaatiin baay'atee firii argamu keessaa dhibbeentaa shan (%5) gadii ta'uu hin qabuu.
3. Hanga wabii kabachiisa caal-baasii fi dorgomtoota caal-baasii irratti hirmaatan haal dureewwan biroo guutuu qaban ilaachisee qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
4. Wabiin kabachiisaa caal-baasii dorgomtoota moo'atamaniif haalaa fi yeroo dambii kana keessatti murtaa'een keessatti deebifamuufii qaba.
5. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) fi (3) keessatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee; dorgomaan moo'ate waliigaltee raawwachuuf wabii kabachiisa caal-baasiif qabsiise kan herregamuuf ta'a.
6. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (5) keessatti kan ibsame jiraatullee, moo'ataan guyyaa dambii kana keessatti murtaa'e keessatti dhiyaatee waliigaltee yoo hin mallateessine moo'achuun isaa ni haqama. Wabiin caal-baasii kabajsiisuuf qabsiises bulchiinsa magaalaaf galii ni taasifama.
7. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (6) tiin dorgomaan wagga tokko keessatti yeroo lama moo'achuun isaa ibsameefii dhiyaatee waliigaltee yoo hin mallateesinee, wagga lamaaf caal-baasii lafa Magaalota Naannicha keessatti gaggeefamu irraa ni dhoorkama.

18.Caalbaasii Dorgomsiisuu fi Mo'attoota Adda Baasuu

1. Keewwata 11, keewwata xiiqqaa (7) Labsichaa keessatti kan ibsameen ala;
 - a. Caal-baasii liizii yeroo jalqabaaf bahe irratti dorgomtootni sadii fi isaa ol yoo hin dhiyaanne caal-baasichi haqamee yeroo lamaffaaf akka bahu ni taasifama.
 - b. Caal-baasii marsaa lamaffaaf bahe irratti haala walfakkaatuun

dorgomtootni sadii fi isaa ol yoo hin dhiyaanne ta'e, Caalbaasichi yeroo sadaffaaf akka bahu taasifamee dorgomtoota dhiyaatan gidduutti caalbaasichi kan gaggeeffamu ta'a. Dorgomaan tokko qofti yoo dhiyaate caalbaasichi ni haqama

2. Mo'ataan caal-baasii, ulaagaalee armaan gadiitti tarreeffaman bu'uurefachuun xinxalamee haala ifa ta'een ni murtaa'a.
 - a. Gatiin caalbaasii ol'aanaa dorgomtootni lafichaaf dhiyyeessan qabxii %80 keessaa;
 - b. Hanga kafaltii liizii duraatiif qabxii %20 keessaa kan kennammuuf ta'a.
3. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin iddo itti dorgometti ida'ama ulaagaalee hundaan dorgomaan bu'aa qabxii ol'aanaa dhibba keessaa argate mo'ata ni ta'a.
4. Bu'aa caal-baasiitiin, gatii dorgomtoonni dhiheessanii fi dirqamoonni isaan galan kan wal-fakkaatu ta'ee, dhibba keessaa qabxii wal qixa yoo argatan fi dorgomtoota keessa dubriin tokko qofti yoo jiraate mo'attuu caalbaasiichaa ni taati; kanaa ala yoo ta'ee mo'ataa waliigala caarraa dhaan akka adda bahu ni taasifama.
5. Mo'ataan tokkoffaa bahe yoo kan hin dhihaanne ta'ee dorgomtootni lammaffaa fi sadaffaa bahan tartiibaan ibsameefii, gatii caalbaasii mo'ataan tokkoffaa bahe dhiheesse kafalanii iddicha fudhachuuf fedhii yoo qabatan mirgi isaanii ni egamaaf.
6. Dorgomtootni caal-baasii hanga sadaffaatti mo'atan iddicha fudhachuuf fedhii kan hin qabne yoo ta'e caalbaasichi ni haqama
7. Dorgomtoonni caal-baasii irrattii hirmaatanii mo'achuun isaanii mirkana'eef tarreffama ulaagaa mo'achuu isaan dandeessise, bakka lafichi ittii argamuu fi maqaa guutuu mo'ataa gabatee beeksisaa irratti ummataaf ifa ni taasiifama.
8. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (7) tiin adeemsa caal-baasii fi sanada dorgomaan dhiheesse sirrii ta'uu isaa qaama dhimmi ilaaluun mirkanaa'e, dorgomaa mo'ateef beeksisaa fi barreffamaan yeroo waamichi taasifame irraa eegalee guyyoota hojii 10 keessatti qaama dhimmi ilaalu waliin waliigaltee liizii mallatteessuu qaba.
9. Waliigalteen lafa liizii hanga hin mallattoofnetti abbaan mirgummaa hin mirkanaa'u.

19. **Caalbaasii Xiinxaluu**

1. Gareen raawwachiiiftuu caal-baasii lafa liizii, caal-baasichi guutuu dha jedhee fudhachuu kan danda'u dhimmootni barbaachisoo sanada caal-

baasii irratti tarreeffaman guutamanii yoo argaman qofa dha.

2. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) keessatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee; Sanadni caal-baasii dhihaate dhimmoota xixiqqaa sanada irratti tarreefamuu qabanii fi dogongorri jechaa hanga tokkoo garaagarummaa qabaatus; qabiyyee sanadicha bu'uura irraa kan hin jijirre ta'uu isaa gareen caal-baasii raawwachiisu yoo itti amane guutuu akka ta'etti fudhachuu ni danda'a.

20. **Bu'aa Caalbaasii Mirkaneessuu**

1. Bulchiinsi magaalaa Koree caal-baasii liizii mirkaneessu ni hundeessa.
2. Koree caal-baasii liizii dhaabuun bakka hin danda'amnetti, caal-baasii liizii manajimentii magaalaatiin kan mirkanaa'u ta'a.
3. Gareen caal-baasii raawwachiissu, bu'aa caal-baasii xinxalee mo'ataa fi dorgomtoota 2^{ffaa} hanga 3^{ffaa} bahan adda baasuudhaan koree caalbaasicha mirkaneessuuf ni dhiheessa.
4. Koreen keewwata kana, kewwata xiqqaa (1) tiin dhaabbatu yookiin manajimentiin magaalaa guyyaa bu'aan caal-baasii dhiyaateef irraa eegalee guyyaa hojii lama keessatti murteessee beeksiisa fudhatama qabu yookiin weeb-Saayitii Magaalaa yookiin weeb-Saayitii Naannoo irratti ummataaf ifa ni taasisaa.
5. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (3)'n dorgomaan mo'ataa ta'e, bu'aan isaa karaa fudhatama qabuun yeroo ibsameef irraa eegalee guyyoota hojii 10 keesaatti dhihaatee kafaltii duraa raawwachuu fi haaldureewan barbaachiisaa guutee waliigaltee akka mallatteessu ni taasifama.
6. Bu'uura Keewwata kana keewwata xiqqaa (4) tiin dorgoomaan mo'ate dirqama guutuu dhaan walii galtee yoo hin mallatteessin guyyoota hojii dabatataa sadii keessatti dhihaatee haal-duree barbaachisoo guutuudhaan waliigaltee akka mallatteessuuf gabatee beeksiisaa wajjirichaa irrattii of-eggannoon akka maxxanfamuuf ni taasifama.
7. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (5) irratti ibsameen mo'ataan caal-baasii guyyoota hojii sadii dabatataan kennameef keessatti dhiyaatee kaffaltii duraa raawwachuu yoo baatee laficha akka hin barbaannetti lakkaa'amee caal-baasii kabachiisuudhaaf qarshii wabii (CPO)'n qabsiise bulchiinsa magaalaaf galii ta'a.
8. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (6) tiin lafa waliigalteen irratti hin raawwatamne; gareen caal-baasii raawwachiisu dorgomaan lammaffaa

bahe, gatii dorgomaan tokkoffaa bahe dhiheesseen akka dhufee fudhatu haala walfakkaatuun waamichi taasifameefii daangaa yeroo keewwata kana keewwata xiqqa (4) fi (5) irratti tumamee keessatti haal duree barbaachiisaa guutuun waliigaltee akka mallatteessu ni taasisa.

9. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqa (8) tiin dorgomaan 2^{ffaa} yoo hin dhihanne dorgamaa 3^{ffaa} tiif carraan walfakaatu ni kennamaaf. Kunis yoo hin milkoofne caal-baasichi ni haqamma.

21. Wabii kabachiisa caalbaasii deebii taasisuu

1. Sababa dorgomtoonni gahaan hin dhiyyanneef caalbaasiin yoo haqame wabii caalbaasii kabachiisuuf dorgomtootni qabsiisan akka deebi'u ni taasifama.
2. Bu'aan Mo'attoota caalbaasii erga ibsamee booda dorgomtoota mo'atamaniif wabiin caalbaasii kabachiisuuf qabsiisan guyyaa hojii itti aanu irraa eegalee akka deebi'uuf ni taasifama.
3. Keewwata kana, keewwata xiqqa (2) keessatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee; dorgomtootni lamaffaa fi sadaffaa bahan mo'ataan caalbaasichaa dhiyaatee waligaltee mallatteessuun isaa hanga mirkanaa'utti turuu fi mo'ataan 1^{ffaa} bahe yoo dhihaachuu baate yookiin bu'aan isaa yoo mirkanaa'uufi baate, gatii mo'ataa tokkoffaa ittiin mo'ateen laficha fudhachuuf fedha qabaachuu isaanii iyyannoон garee caalbaasii raawwachiisuuf yoo ibsan wabii kabachiisa caalbasiif qabsisan osoo hin deebi'in galmaa'e turu ni danda'a.

22. Garee Raawwachiiftuu Caalbaasii Liizii Gurmeessuu

1. Magaalonni garee caalbaasii liizii raawwachiiftuu yemmuu gurmeessan hojjettoota dhaabbiin qacaraman keessaa kan ramadan ta'uun isaa mirkaneessuu qabu.
2. Tarreeffamni akaakuu ogummaa garee raawwachiiftuu caalbaasii qajeelfama bahuun kan murta'u ta'a.

23. Itti Gaafatamummaa Garee Caalbaasii Liizii Raawwachiiftuu

1. Lafa caalbaasii liiziif qophaa'u, qabiyyee kam iyyuu irraa bilisa ta'uun isaa; qoodinisa yookiin shinshaanoo Pilaanii fi dhiyeessii bu'uura misoomaa kan qabu ta'uun isaa dirree bahanii (bakka laftichi argamutti argamuun dhaan) mirkaneeffachuun wal-harkaa fuudhinsa ni raawwata.
 - a. Tarreeffama Sanada caalbaasii guutuu ta'e ni qopheessa.

- b. Waamicha Beeksisa caalbaasii ni gaggeesa.
 - c. Tilmaama gatii sanada caalbaasii ni baasa, gurgurtaas ni raawwata.
 - d. Sanduuqa sanadni caalbaasii itti galu ni qopheessa; ni saamsa.
 - e. Adeemsa raawwii caalbaasii ni qajeelcha.
2. Ulaagalee xinxala kaa'aman irratti hundaa'uudhaan Moo'ataa caalbaasii addaan ni baasaa, yaada murtoo qindeessee murtiin akka itti kennamuuf qaama aangoon kennameefiif dhiheessee ni mirkaneessisa.
 3. Tokkoon tokkoon caalbaasii liizii keessatti adeemsa caalbaasii waliigalaa kan agarsiisu; sirna adeemsa raawwii calbaasii, dorgomtoonni tokko tokkoon yaada dhiyefatanii fi waada seenan, ragaalee aadda addaa dhiyaate, iyyannoona haala addaatiin dhiyaate yoo jiraate, moo'ataan caalbaasii ulaagaa ittiin moo'ate akkasumas dorgomtonni hin moo'atin hafan sababa moo'achuu dhabaniif qaboo-yaa'ii qopheessu keessatti ibsuu qaba.
 4. Idaa kafaltii liizii kuufame kafalchiisuuf qabeenya lafaan walqabatee qabame, hanga idaa baasuuf barbaadamu qofa irratti gurguurtaa ni raawwachiisa.
 5. Ogeessota hojicha deeggaruuf barbaachisaa ta'an ni qindeessa.

Kutaa Afur

Lafa Magaalaan Ramaddii Liizii Kennuu

24.Haala Lafti Ramaddii Liizii Itti Kennamu

1. Akkaata keewwata 12 labsichaatiin karoorti pirojaktoota fi dameewwan hojii misoomaa lafti ramaddii liiziitiin kennamuuf yookiin eeyyamamuuf, waggaan waggaan Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti dhiyaate kan mirkanaa'u ta'ee, raawwiin isaa magaalotaan ta'a.
2. Keewwata kana keewwata xiqlaan (1) irratti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, bu'uura, keewwata 12 keewwata xiqlaan 1(g) Labsichaatiin pirojaktoota Pireezidaantii Naannichaatiin qajeelfamni Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti murtaa'an kan dabalatu ta'a.

25. Sirna gaaffiin Lafa Ramaddii Liizii itti Dhiyaatuu fi Murtaa‘u.

1. Gaaffiin mana hojii mootummaa baajata Mootummaatiin buluunii kan keessuumeffamu haaldureewwan armaan gadii yemmuu guutamani dha;
 - a. Xalayaa deeggarsa ittii gaafatamaa Mana hojichaatiin mirkanna'a'e;
 - b. Lafti gaafatame bara baajetichaa keessattii hojii raawwatamuuf karoorfameef ta'uu isaa kan mirkaneessuuf;
 - c. Pirojekticha raawwachiisuuf baajanni heyyamame jiraachuu isaa yoo mirkanna'a'e dha.
2. Gaafichi kan dhihaate Dhaabbiilee Miti Mootummaa irraa; bakka dhaabbata tajaajilli hawaasummaa itti kennamu ijaaruuf yoo ta'e; ulaagaawwan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman irratti haal-dureewwan armaan gadii dabalataan guutamuuf qabu.
 - a. Hojicha hojjechuuf deeggasa naannoo irraa kennname;
 - b. Hayyama bara sana haroomfame;
 - c. Pirojaktiin hojjatamuuf yaadame Naannoон fudhatama qabachuu isaa ragaa mirkaneessuuf;
 - d. Sanadni abbaa qabiyyummaa Maqaa Dhaabbata ijaaramu mirkaneessu maqaa qaama mana hoii naannoo dhimmi ilaaluun kan qophaa'u ta'a.
 - e. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (d) irratti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, Maqaa abbaa qabiyyummaa ilaalchisee haala addaatiin Biiron murteessuu ni danda'a.
3. Gaaffichi kan dhiyaate dhaabbilee amantaa irraa lafa waaqeffannaaf ooluuf yoo ta'e; Qajeelfama Biiron baasuu irratti hunda'ee Bulchiisa magaalaan kan raawwatamu ta'a.
4. Bu'uura Imaammata misooma mana jirenyaatiin magaalaa keessatti misooma mana Mootummaan gaggeefamuuf gaaffi dhihaate yoo ta'e; qajeelfama bahu irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a.
5. Industrii, maanufakchingii fi pirojektoota biroo labsicha keessatti ramaddiiin keessummefamaniif, tarreeffamni qorannoo isaanii akka ulaagaa bu'uuraattii guutamuuf qabu.
6. Akkaataa keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) hanga 5tti ibsameen pirojektooni yookiin dameewwan hojii misooma haaldureen barbaachiisoo fi adeemsi qulqulleessuu irratti raawwatameef, bal'inni lafa bu'uura istaandaardii tajaajilichaaf murtaa'een ramaddii ni kennamaaf.

26. Sababa misoomaatiin jiraattota qabiyyee isaanii irraa buqqa'an deebisanii qubachiisuu

Jiraattota qabiyyee lafa isaanii sababa misoomaatiin yookiin deebisanii misoomsuu magaalaatiin gadi lakkisihiif beenyaa kaffaluun akkuma jirutti ta'ee:

1. Bu'ura Labsichaa, keewwata 12, keewwata xiqqaa (2) tiin nama qabiyyee durii irra buqqa'uuf sadarkaa lafa; istandardii qoqoodinsaa fi dhaqabamummaa tajaajila tilmaama keessa kan galche lafti biroo bakka buufamee seera qabiyyee duriitiin(kiraan) ni kennamaaf, tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
2. Abbaan qabiyyee mirga liizii barri waliigaltee liizii xumuramuun dura iddicha akka gadi lakkisu hin taasifamu.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) irratti kan ibsame akkuma jiruutti ta'ee, qabiyyichi faaydaa ummataaf jecha kan barbaadamu yoo ta'e; abbaan mirga qabiyyee liizii isaa akka gadi dhiisuu taasifamu bara liizii hafeef lafa bal'innaa fi sadarkaan walfakkaatu waliigaltee liizii duraan tureen bakka bu'insaan ni kennamaaf.
4. Kireeffataan seeraa mana jirenyaa mootummaa yookiin gandaa sababa deebisanii misoomsuu magaalaatiin kan buqqa'u yoo ta'e; magaalota sagantaan misooma manaa itti adeemsifamaa jirutti, bittaan mana waliinii dursa akka argatu haalli ni mijaa'aaf. Tarreeffamni isaa qajeelfamaa bahuun kan murtaa'u ta'a.
5. Keewwata kana keewwata xiqqaa (6) irratti kan ibsamee akkuma jirutti ta'ee, Magaalota sagantaan misooma manaa hin jirre keessatti; gatii ka'umsa liizii tiin lafti mana jirenyaa irratti ijaaratu ramaddiin kan kennamuuf ta'a. Tarreeffamni isaa qajeelfama bahun kan murtaa'u ta'a.
6. Kireeffattooni seeraa mana daldalaan mootummaa yookiin mana gandaa ta'an akka ka'an yemmuu taasifamu; bu'uura pilaaniin magaalaa heeyyamuun feedhii waliin ijaaruu kan qaban yoo ta'ee, akkaataa qaamni dhimmi ilaalu murteessuun lafti gamoo irratti ijaaratan haala armaan gaditti ibsameen ni kennamaaf:
 - a. Magaalaa sadarkaa 1^{ffa} keessattii nama tokkoof hanga kaareemeetira 40
 - b. Magaalota sadarkaa 2^{ffa} keessattii nama tokkoof hanga kaareemeetira 60
 - c. Magaalota sadarkaa 3^{ffa} keessattii nama tokkoof hanga kaareemeetira 80

- d. Magaaloota sadarkaa 4^{ffaa} keessatti nama tokkoof hanga kaaremeetira 120 gatii ka'umsa liiziin kan keessummeeffaman ta'a.
- e. Keewwata kana keewwata xiqqaa 6 (a-d) irratti kan ibsamee akkuma jiruutti ta'ee, qoqqodiinsa lafaa kan pilaanii magaalaa irra jiru, bal'ini waliigalaa lafa tokkoon tokkoon isaaniif heyyamameefi ol yoo ta'e, kan hafe gatii liizii ol'aanaa naannawa sanaatti argameen ramadiin ni kennamaaf.
- f. Keewwata kana keewwata xiqqaa 6 (a-e) irratti kan ibsamee akkuma jiruutti ta'ee, lafti kan hin kennamne yoo ta'e, haalli biroo itti keessummeeffamu qajeelfamaan murtaa'a.
7. Sababa misoomaatiin qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa magaalaa keessaa lafa qonnaa yookin dheediinsaaf mana jirenyaa isaa akka gadi lakkisu taasifamuuf qabeenya isaatiif seeraan beenyaan kan kaffalamuuf ta'ee, dabalataanis lafti mana jirenyaa irratti ijaarratu kaare meetiri 500 seera qabiyee duriitiin(kiraan) ni kennamaaf.
8. Keewwata kana keewwata xiqqaa (7) jalatti kan ibsame akka jirutti ta'ee, ijoolle qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa kanneen umriin isaanii wagga 18 fi isaa ol ta'ee fi qonnaan/horsiisee bulaa sana waliin lafa sana irraa jiraatan mana jirenyaa hin qabneef bal'ina lafaa qonnaan bulaa sana irraa misoomaaf fudhatame irratti hundaa'ee bakki mana jirenyaa irratti ijaarratan akkaataa istaandaardii magalaatiin seera qabiyee duriitiin (kiraan) ni kennamuuf.
9. Keewwata kana keewwata xiqqaa (8) jalatti kan ibsame akka jirutti ta'ee, hanga bal'ina lafaa ijoolle qonnaan bulaa fi qonnaan bulaa sanaaf kennamuu, beenyaan kaffalamuufi irra ni hir'ifama.
10. Keewwata kana keewwata xiqqaa (9) jalatti kan ibsame akka jirutti ta'ee qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan qabiyee lafa isaa magaalaa keessatti argamu hojii misoomaatiif gadi-lakkisee, dhunfaadhaan yookiin gareen hojii invastimantii irratti bobba'uuf fedhii fi dandeetti yoo qabaatee yookin qabaatan lafti gosa hojii invastimantichaaf barbaachisuu ramaddii liiziitiin ni kennamuuf.

27. Lafa yeroo gabaabaaf liiziin kennamu

1. Bu'uura Labsicha keewwata 18 keewwata xiqqaa 2 (b) tiin lafti magaalaa yeroo gabaabaa keessatti misooma biroof oluu hin dandeenye tajaajiloota kanatti aananii tarreeffamaniif liiziin kennuun ni dandaa'ama.
- a. Hojiwwan qonna magaalaa fi hojiwwan misoomaa magariisuu magaalaa wajjiin kan walqabatan (kuduraa fi muduraa, biqqiltuu, horsiisa lukkuu, bakka magariisuu bashannanaa) fi kan kana fakkaatan;

- b. Bakka meeshaaleen ijaarsaa itti omishamu yookiin gurguramu yookiin agarsiifamuuf;
 - c. Yeroo ijaarsi geggeeffamutti maashiinootaa fi meeshaawwan ijaarsaa bakka itti kuufamaniif;
 - d. Bakka dhagaa, biyyee fi bakka cirrachi ijaarsaaf oolu irraa omishamu yookiin maashinoonni hojiilee kanaaf tajaajilan bakka itti dhaabbatan/ qubatan;
 - e. Bakka gabateen beeksiisaa irra dhaabbaatu;
 - f. Bakka Dhaabbileen interpirayizoota maayikiroo fi xixiqqaan tajaajiloota adda addaa itti dhiheessanii fi oomishaniif hayyamamu ni danda'ama.
2. Walii galteen itti fayyadama qabiyyee liizii yeroo gabaabaa dhaaf kennamu akka kanatti aanuun ta'a.
- a. Barri Waliigaltee qabiyyee liizii qonna magaalaa waggaa 15 kan Labsicha irratti ibsame ta'a.
 - b. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tartiiba Qabee (b) hanga (f) kan tarreeffamaniif barri walii galtee waggaa 5 kan hin caalle ta'a.
 - c. Lafti yeroo gabaabaaf kenname barri waliigaltee isaa osoo hin xumuramin misoomaaaf yoo barbaadame qabeenyaa isaa kaasuuf kan isaa dandeessisu tilmaamni beenyaa ni kennamaaf.
 - d. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2(c) irratti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, barbaachisummaan isaa ilaalamee yeroo walii galtee hafeef qofa lafti itti fayyadamu bakka bu'insaan kennamuufii ni danda'a.
 - e. Lafti yeroo gabaabaaf duraan qabamee walii galteen seera qabeessa ta'e kan irratti hin raawwatamin bu'ura dambii kanaa tiin waliigaltee kan raawwatamu ta'ee, dambiin kun erga raga'ee booda waggaa tokko keessatti seerummaa akka qabatan ni taasifama.
3. Kafaltiin liizii lafa yeroodhaaf kennamuu akkaataa armaan gadiin ta'a.
- a. Namoonni lafti liiziin yeroo gabaabaaf Koree Kantiibaatiin murtaa'eef, shallaggii kira lafa magaalaa yookiin gatii ka'umsa liizii bu'uura godhachuudhaan kafaltii waggaa akka kafalan ni taasifama. Tarreeffamni isaa qajeelfamaa bahuun kan murtaa'u ta'a.
 - b. Kaffaltii waggaa tilmaama kira lafa magaalaatiin kafalchiisuuf bakka hin danda'amneetti, qorannoo addaa taasiisuun hanga kafaltii liizii kafalamuu qabu Koree Kantiibaan murta'ee akka kafalan ni taasifama.

Kutaa shan

Waliigaltee Liizii fi Kenninsa Waraqaa Ragaa

28. Qajeeltoowwan Bu'uuraa Waliigalteen Liizii ittiin hogganamu

Tumaaleen labsichaa fi dambii kanaaakkuma eegamanitti ta'ee; waliigalteen liizii bu'uura Seera Hariiroo Hawaasaa Kutaa waliigaltee Manneen Hojii Bulchiinsaa taasisan jalatti akkaataa tumameen kan qajeelfamu yookiin hogganamu ta'a.

29. Waliigaltee Liizii Mallatteessuu

1. Labsii fi dambii kanaan lafa liiziin hayyamamuuf waliigalteen liizii qophaa'u, mirgaa fi dirqama walii galtee fudhataa; itti gaafatamummaa fi hojii waliigaltee kennaa; haala waliigalaa bulchiinsa qabiyee liizii; daangaa yeroo jalqabiinsaa fi xumura ijaarsaa, dabalataanis amala addaa laftichi qabu ibsuu qaba.
2. Wixineen jechootaa fi haalawwan waliigaltee, sanada caal-baasi waliin kutaa tokko ta'anii dhiyaachuu qabu.
3. Lafa caal-baasiin kennname sababa rakkoo waajjirichaa fi sababa biroo humnaa ol ta'een guyyaa waliigaltee keessatti ibsametti harkaan gahuun kan hin danda'amne yoo ta'e; waliigaltichii irra deebii'amee ni haaromsama.
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) irratti kan ibsame akkama jiruutti ta'ee, yeroon haara-galfannaa; jalqabiinsa ijaarsaa, xumura ijaarsaa fi yeroo xumura kaffaltiin liizii irra deebi'amee bifaa haaraa tiin ni murtaa'a. Gatiin liizii garuu; bu'uura caal-baasi duraan kennameen kan ragga'u ta'a.
5. Dhimmoontni waliigaltee liizii irratti ibsamani fi qaama sanada waliigaltee ta'anii mallattaa'an nama waliigaltee fudhatee fi qaama waliigaltee kenne biratti, seeraa ta'anii ni tajaajilu.
6. Moo'ataa caal-baasi liizii yookiin kan ramaddiin kennameef yookiin lafti magaalaa Labsichaa fi dambii kanaan gara sirna liiziitti akka galu murtaa'e, bu'uuraa adeemsa tarree raawwii dambii kana raawwachiisuuf qajeelfama bahuun, abbaa mirgaa liizii fi waliigaltee kennaa gidduutti waliigalteen mallattaa'u qaba.
7. Namni kafaltii duraa xumuree waliigaltee liizii seene gosaa fi sadarkaa ijaarsatiin adda bahee yeroo taa'e keessatti ijaarsa jalqabuu fi xumuruu qaba.

30. Waraqaa Ragaa Qabiyyee lafa Liizii

1. Namni lafti magaalaa liiziin hayyamameef; waraqaan ragaa qabiyyee liizii ni kennamaaf.
2. Waraqaan ragaa qabiyyee liizii ibsa armaan gadii qabaachuu qaba:-
 - a. Maqaa guutuu nama lafti liiziin hayyamameef hanga akakkayyuutti yookiin maqaa dhaabatichaa fi suuraa paasportiidhaaf ta'u kan Abbaa qabiyyichaa;
 - b. Teessoo fi balina, lafichaa;
 - c. Sadarkaa, lakkofsa pilootii fi gosa tajaajila lafichaa;
 - d. Hanga kafaltii duraa fi gatii liizii waliigala lafichaa;
 - e. Hanga kafaltii liizii waggaan raawwatamuu fi yeroo kafaltichi itti xumuramu;
 - f. Bara qabbiyyeen liizichaa itti ragga'ee turu;
 - g. Lakkofsa waraqaa ragaa abbaa qabbiyyee;
 - h. Agarsiiftuuwan kallattii kaabaa lafichaa; safartuu yookiin iskeelii fi akeekkachiiftuu bakka lafichii jiru (X-Y co-ordinate) kan hammate ta'u qaba.

31. Bara Liizii

1. Mana jirenyaa, Tajaajila Hawaasummaa kanneen akka (Barnootaa, Fayyaa, Ispoortii fi Aadaaf) wagga 99;
2. Tajaajila Industriif wagga 80;
3. Tajaajila Daldalaaf wagga 70 fi
4. Tajaajila Kan biroof wagga 70;

Kutaa Jaha

Gatii Liizii Lafa Magaalaa fi Haala Kaffaltiin Itti Raawwatu

32. Gatii Ka'umsa Liizii Lafa Magaalaa

1. Tilmaamni gatii ka'umsa liizii lafa magaalaa akkaataa caaseeffamaa fi haala qabatamaa magaalotaa irratti hundaa'ee, tooftaalee armaan gadii yaada keessa galchuun kan qophaa'u ta'a.
 - a. Shallaggiin gatii ka'umsa liizii lafa magaalaa dhimmoota dabarsa lafaa fi haala gabaan walqabatu; qorannoo guddina amma jiruu fi fulduratti dhufu gaggeessuun, haala itti fayyadama lafaa fi sadarkaa lafa yaada keessa galchuun qophaa'uu qaba.
 - b. Keewwata kana, keewwata xiqqaa 1(a) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, baasii laficha qopheessuuf bahe, namoota laficha irraa ka'aniif beenyaa kafalame; baasii bu'uuraalee misoomaa diriirsuuf barbaachisu; baasii hojji adeemsiftuu fi baasiwwan biroo qabatamaa ta'an tilmaama keessa kan galche ta'uu qaba.
2. Lafa magaalaa gatii zooniitiin qooduu fi haala raawwii isaa:
 - a. Gatiin ka'umsa liizii lafa magaalaa akkaataa keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) tiin shalaggamee kaa'ame bu'uura gochuun kaartaan gatii zoonii qophaa'u qaba.
 - b. Gatiin ka'umsa liizii zoonii lafa magaalaa yeroo isaa eeggatee akka raawwatu, caal-baasiwwan bara baajataa yookiin caalbaasiwwan waggoota lamaan darban keessatti adeemsifaman bu'uureefachuun gosa tajaajilaatiin adda bayee qophaa'u qaba.
 - c. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa 2 (a) jalatti ibsameen kaartaan zoonii gatii qophaa'u, Mana Marii Bulchiinsaa Magaalaa yookiin magaalaa mana maree hin qabne keessatti mana maree aanaatiin mirkanaa'u qaba.
 - d. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa 2(c) tiin kaartaan mirkanaa'e, barreeffamaan ilaaluuf akka dandaa'amutti qophaa'ee Weeb-saayitii dhaqqabamaa ta'e kamiiniyyuu yookin gabatee beeksisaa irratti ummataaf ifa taasifamuu qaba.

3. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) jalatti tumameen kaartaan zoonii gatii mirkanaa'e, lafa caal-baasiif dhihaatuu fi ramaddiin kennamu irratti kan raawatamu ta'a.
4. Lafti kamiyyuu gatii ka'umsa liizii kaa'ameefin gadi caalbaasiin darbuu hin danda'u.
5. Bu'uura Imaammataa Misooma Magaalaatiin hawasaa galii xiqqaa qabaniif fi waldaalee of-gargaarsaaf lafti tajaajila mana jirenyaaif kennamu, akkasumas, Maanufakcheringii, Qonna magaalaa fi daldalaaf lafa kennamu qo'anoo gaggeessuudhaan akkaataa tajaajilichaatiin gatii ka'umsa addaa hojirra oolchuun ni danda'ama.

33. Gatii Liizii

1. Gatiin caalbaasii lafa magaalaa tokkoo tokkoon lafaaf yookiin lakkofsa lafaaf moo'ataa caal-baasii gatii ol'aanaa kenne ta'a.
2. Gatiin liizii lafa sirna rammadii tiin darbee gosa tajaajila lafichaatiin adda bahe tilmaamamuu ni danda'a.
3. Akkaata keewwata kana kewwata xiqqaa (1) fi (2) tiin shalaguun bakka hin dandaa'amneetti, kaffaltiin Gatii ka'umsa liizii lafa rammaddiin kenname irratti raawwatiinsa ni qabaata.
4. Keewwata kana, kewwata xiqqaa (2) fi (3) keessatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee; Dippilomaatotaa fi Dhaabbilee Idila Adunyaatiif haala waliigaltee Mootummaa waliin taasifamuun kan raawwatamu ta'a.
5. Keewwata kana, kewwata xiqqaa (4) keessatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee; Waliigalteen ifa ta'e mootummaa waliin kan hin jirre yoo ta'e gatii caalbaasii irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a.
6. Lafti dhaabbilee amantaa fi dhaabbilee baajataa Mootummaatiin bulaniif yemmuu ramadamu, kafaltii beenyaa, qabeenya laficha irra jiruu al-tokkoon kafaluu qabu.
7. Keewwata kana, kewwata xiqqaa (6) keessatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee; Lafichi kafaltii liizii irraa bilisa ta'ee ni kennamaaf. Tarreeffamnii ulaagaa isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
8. Kewwata kana, keewwata xiqqaa (1-7) tti kan ibsame akkuma eegamanitti ta'ee, gatiin ka'umsa liizii lafa magaalaa dambii kanaan liizii keessa akka galan murtaa'e, gosa tajaajilaa garee magaalaa fi sadarkaa lafaatiin adda bahee gabatee araan gadii keessatti tarreeffameera.

A. Gabatee gatii ka'umsa liizii lafa tajaajila mana jirenyaa

Lakk	Garee Magaalaa	Sadarkaa Lafaa	Gatii m ² Tokkoo (Qr)
1	1 ^{ffaa}	1	426.00
		2	362.10
		3	307.79
2	2 ^{ffaa}	1	307.79
		2	261.62
		3	222.41
3	3 ^{ffaa}	1	222.41
		2	189.05
		3	160.69

B. Gabatee gatii ka'umsa liizii lafa Tajaajila Daldalaan addaa addaa

Lakk	Garee Magaalaa	Sadarkaa Lafaa	Gatii m ² Tokkoo (Qr)
1	1 ^{ffaa}	1	1011.50
		2	952.00
		3	892.50
2	2 ^{ffaa}	1	892.50
		2	758.12
		3	664.83
3	3 ^{ffaa}	1	664.83
		2	565.10
		3	480.33

C. Gabatee Gatii Ka'umsa Liizii Lafa Tajaajila Hoteelaa Addaa

Lakk	Gosa Tajaajilaa	Garee Magaalaa	Sadarkaa Lafaa	Gatii m2 Tokko(Qr.)
1	Hoteela Abbaa Urjii 3	1 ^{ffaa}	1	896.00
			2	840.00
			3	672.00
		2 ^{ffaa}	1	672.00
			2	560.00
			3	476.00
		3 ^{ffaa}	1	476.00
			2	404.00
			3	357.00
2	Hoteela Abbaa Urjii 4	1 ^{ffaa}	1	630.00
			2	504.00
			3	462.00
		2 ^{ffaa}	1	462.00
			2	420.00
			3	357.00
		3 ^{ffaa}	1	357.00
			2	303.15
			3	285.50
3	Hoteela Abbaa Urjii 5 fi isaa Ol	Qo'annoo irratti hundaa'ee Murtii Addaa Manni Maree Bulichiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa dabarsuun rammaddiin liiziin ni keessumeefama.		

D. Gabatee gatii ka'umsa liizii lafa tajaajila Industirii

Lakk	Gosa Tajaajilaa	Garee Magaalaa	Sadarkaa Lafaa	Gatii m ² Tokkoo (Qr)
1	Maanifaakchariing	1 ^{ffaa}	2	520.00
			3	442.00
		2 ^{ffaa}	2	442.00
			3	375.70
		3 ^{ffaa}	2	375.70
			3	319.35
2	Agro-Industirii	1 ^{ffaa}	2	560.00
			3	476.00
		2 ^{ffaa}	2	476.00
			3	404.00
		3 ^{ffaa}	2	404.00
			3	343.91
3	Kan Biroo	1 ^{ffaa}	2	600.00
			3	510.00
		2 ^{ffaa}	2	510.00
			3	433.50
		3 ^{ffaa}	2	433.50
			3	368.48

**E. Gabatee gatii ka'umsa liizii lafa Tajaajila Hawaasummaa
(Barnootaa, Fayyaa, Qo'annoo fi Qorannoo, Aadaa fi Ispoortii)**

Lakk	Garee Magaalaa	Sadarkaa Lafaa	Gatii m ² Tokkoo (Qr)
1	1 ^{ffaa}	1	762.30
		2	693.00
		3	623.70
2	2 ^{ffaa}	1	554.40
		2	485.10
		3	415.80
3	3 ^{ffaa}	1	353.43
		2	300,42
		3	255.36

F. Gabatee gatii ka'umsa liizii lafa Riil-Isteetii

Lakk	Garee Magaalaa	Sadarkaa Lafaa	Gatii m ² Tokkoo (Qr)
1	1 ^{ffaa}	1	840.00
		2	672.00
		3	560.00
2	2 ^{ffaa}	1	448.00
		2	358.40
		3	287.70

3	3 ^{ffaa}	1	244.55
		2	207.87
		3	176.69

34. Haala Kaffaltiin Liizii Itti Raawwatamu

1. Namni lafti liiziin hayyamameef gatii liizii waligalaa irraa kan shalagamu kaffaltii duraa kaffaluu qabu. Kafaltiin duraa gatii liizii waligalaa irraa dhibeentaa kudhan (%10) gadi ta'uu hin danda'u.
2. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) keessatti kan tumame jiraatuyyuu, gatii liizii waliigala lafichaa al-tokko kafaluuf mirgi isaa kan eegamee dha.
3. Akkaata keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) keessatti tumameen kaffaltiin yemmuu raawwatamu, dhalli irratti hin herregamu; jajjabeessuudhaafis kaffaltii liizii waliigalaa irraa dhibeentaa lamaa(%2) hanga dhibeenta kudhan (%10) ni hir'ifamaaf.
4. Kafaltii duraa erga raawwatee booda, tajaaajila mana jirenyaaif hanga wagga 60, akkasumas, Qonna magaalaatiif hanga wagga 7 fi tajaagilawwan biroof hanga wagga 40 yeroon xumura kafaltii ni kennamaaf.
5. Kafaltii liizii waliigalaa keessaa kafaltiin duraan kafale erga hir'ifamee booda kafaltiin hafe bara kaffaltii liiziif quodamee gatiin giddu-galeessa argame hanga bara xumura kaffaltii liiziitti waggaan ni kafalama.
6. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (5) keessatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee; waliigaltee fudhataan kafaltii wagga keessatti raawwatuu qabu addaan quodee nan kafala jedhee yoo gaaffii dhiyyeesse; qaamni dhimmi ilaallatu heyyamuufi ni danda'a. Haa ta'u malee, haalli kafaltiin itti raawwatamu si'a sadii ol ta'uu hin qabu.
7. Kafaltii liizii hafe irratti, bu'uura shallaggii dhala liqii Baankii Daldalaa Itoophiyyatiin waggaan waggaan dhalli ni kafalama.
8. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (7) keessatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee; tilmaamni dhala liqii Baankii yemmuu jijiiramu shallaggiin isaas walumaan kan jijiiramu ta'a.
9. Sababa jijiirama gosa tajaajilaatiin gatiin yoo jijiiramee malee kafaltiin liizii al-tokko irratti walii galame, hanga barri waliigaltee xumuramutti hin fooyya'u.

35. Kaffaltii Liizii Kuufame Sassaabuu.

1. Namni lafa liiziidhaan fudhate, akkaataa waliigaltee qaama dhimmi ilaallatu

wajjin galeen yeroo isaa eeggatee kaffaltii raawwachuu qaba.

2. Bu'uura Labsichaa, keewwata 20, keewwata xiqqaa (6) tiin abbaan qabiyyee liizii kafaltii liizii yeroo murtaa'e keessatti yoo hin kafalin, wagga waggaadhan kafaltii rawwachuu dhabuu isaatiif xalayaan of eeganno sadarkaa sadarkaan barreefamaan kan kennamuuf ta'a.
3. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) keessatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee; kuufamni waggoota sadii yoo irra jiraate wagga 4^{ffaa} irraa eegalee bulchiinsi magaalaa qabeenyicha qabatee gurguruun kafaltii idaa kuufameef oolchuuf aangoo ni qabaata.
4. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (3) tiin qabeenyi gurguramu adeemsa caalbaasitiin ta'ee, lafa liiziin qabame fi qabeenya laficha irratti argamu qofa irratti ta'a.
5. Bulchiinsi Magaalaa haala waliigaltee seenameen kafaltiin liizii raawwatamu baannaan kafaltii kuufamee walitti qabamu keessatti nama biroo qabeenyi yookiin mallaqni abbaa qabiyyee liizii harkatti argamu irraa funaanuu ni dandaa'a.
6. Qabeenyi abbaa qabiyyee liizii bulchiinsa magaalaatiin to'atamuu kan danda'u ajaja to'achuu kennamuun ta'ee, qabeenya qabiyyee waliigalteen walqabate qofa irratti ta'a.
7. Qaamni kuufama liizii funaanu qabeenya abba qabiyyee liizii yemmuu too'atu humni poolisii akka argamu gaafachuu ni dandaa'a.
8. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (7) tiin, bulchiinsi magaalaa kuufama kaffaltii jiru funaanuuf gurgurtaan qabeenyaa rawwatu kamiiyyuu karaa seeraatiin bulchiinsa qabeenya lafa sana irratti argamu kan hin miine ta'uun isaa hanga mirkanaa'eetti, qabeenyi gurguramu hanga idaa irra jiru qofa irratti ta'a.
9. Qaamni qabeenya too'anna jala oolche guyyaa too'ate irra eegalee guyyoota hojii 10(kudhan) booda caalbaasii ifa ta'een hanga idaa isa irraa barbaadamutti qabeenyichaa gurguruu ni dandaa'a.
10. Bu'uura Labsichaa fi Dambii kanaa tiin; kaffaltiin liizii hin raawwatin qaamni aangoon kennameef idaa kafaltii liizii kuufama funaanuuf galii abbaa qabiyyichaa waliigaltee waliin walqabatan yookiin qabeenya biroo too'achuu kan danda'u, xalayaan abbaa qabiyyee liizii erga beeksisee booda ta'a.
11. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (10) jalatti ibsameen beeksiisni kennamu guyyoota (60) dura abbaa idaa kafaltii liizii dhaqabuu qaba.
12. Mana Murtiitiin kan dhoorkame, raawwii irra kan jiruu fi wabummaadhaan haala seera qabeessa ta'een qabeenya qabsiifame alatti namni qabeenyi sababa kuufama liiziitiif qabamee harkatti argamu yookiin kafaltii kuufama

liiziitiif qaamni dirqama qabu kamiyyuu, qaamni kuufama liizii funaanu yoo gaafatee qabeenya harka isaa jiru harkaan gahuu yookiin dirqama isaa raawwachuu ifti gaafatamummaa qaba.

13. Namni kamiyyuu qaamnii kuufama kafaltii liizii funaanu yoo gaafatu qabeenya idaan qabame harkaan gahuu yoo dide; hanga kafaltii kuufama liizii irraa barbaadamuuf qofa dhuunfaadhaan kan ifti gaafatamu ta'a.
14. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa 12 tiin abbaan qabeenyi isaa kuufama kafaltii liiziitiif irraa qabame raawwi irratti komii yoo qabaate, sadarkaa sadarkaan hanga koree Kantiibaatti barreefamaan komii isaa dhiyefachuu ni danda'a.
15. Akkaataa keewwata kana, kewwata xiqqaa (14) keessti ibsameen qaamni komiin dhiyaateef dhimmicha qulqulleesse yeroo ji'a tokko hin caallee keessatti murtee kennu qaba.

36. Yeroo Hara-galfannaa Murteessu

1. Namni lafti magaalaa liiziin heyyamameef, yeroon hara-galfannaa gosa misooma yookiin akaakuu tajaajilichaatiin waggaa lamaa hanga waggaa shanii kan kennamuuf yoo ta'u; tarreefamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'ee:
 - a. Industirii maniifaakcharingiitiif yookiin Dameen Agiroo-piroosasingiif hanga waggaa shanii;
 - b. Damee Barnootaa yookiin Damee Fayaa, sadarkaa-sadarkaan jiraniif hanga waggaa afurii;
 - c. Riil isteetii gurguddaaf hanga waggaa sadii fi
 - d. Hoteelotaaf hanga waggaa sadii kan kennamuuf ta'a.
2. Keewwata kana, kewwata xiqqaa 1(a) hanga (d) jalatti kan ibsaman akkuma eegametti ta'ee; dameewwan yeroon hara-galfannaa hin murtaa'iniif haala qabatamaa Pirojaktichaa irratti hundaa'uun hanga waggaa shaniitti Biiron murteessuu ni danda'a.
3. Yeroon hara-galfannaa lakkaa'amu kan jalqabu, guyyaa waliigalteen liizii mallattaa'e irraa kaasee ta'a.
4. Keewwata kana, kewwata xiqqaa (2) jalatti kan ibsaman akkuma eegametti ta'ee; yeroon hara-galfannaa hayyamamu haala kamiiniyyuu yeroo ijaarsa xumuruuf kennamee caaluu hin qabu.
5. Namni dambiin kun bahuun dura lafti magaalaa liiziin heyyamameefi:-
 - a. Sababa rakkina qaama lafa harkaan ga'uutiin osoo hin fudhatin kan ture yookin:
 - b. Erga lafa harkaan gahatee kaasee hanga dambiin kun ragga'utti waggaa 2

- kan hin caalle yookiin;
- c. Kafaltii liizii duraa naaf haa hir'atu yookiin;
 - d. Barri kaffaltii liizii itti xumuru naaf haa dheeratu jechuun komii dhiyeffate dhimmi isaa murtii osoo hin argatin ture, yeroo hara-galfannaa keewwata kana keessatti tumamee akkaataa barbaachisummaa isaatti fayyadamaa ta' uu ni danda'a.

Kutaa Torba

Sadarkaalee Ijaarsaa,

Ijaarsa Jalqabuu fi Xumuruu; Itti Fayyadama lafaa

37. Sadarkaalee ijaarsaa

1. Ijaarsawan sadarkaa xiqqaa kanneen armaan gadiiti
 - a. Ijaarsa haanga darbii lamaa qabu;
 - b. Ijaarsa bal'ina qabiyyee lafaa hanga kaareemeetira 500 irratti gaggeeffamu;
- 2 Ijaarsawan sadarkaa Giddu-galeessaa:
 - a. Ijaarsa darbii sadihii hanga shanii qabu;
 - b. Mana jirenya yeroo tokkotti manneen 80 ijaaraman;
 - c. Dhaabbilee barnoota hanga sadarkaa 2^{ffaa} Ol'aanaatti ijaaraman ni dabalata;
 - d. Dhaabbilee fayyaa hanga Kiliinika Ol'aanaa addaatti ijaaraman ni dabalata;
 - e. Ijaarsa mana kitaabaa fi Galma walii galaa hanga nama 500 kan keessumeessu;
 - f. Ijaarsa dirree ispoortii fi Giddugala ispoortii hanga nama 500 kan qabatu;
 - g. Ijaarsa Dhaabbilee oomishaa salphaa fi kuusaa giddugaleessa yookiin,
 - h. Bal'inna lafa qabiyyee kareemeetira 501 hanga 5,000 irratti ijaarsawan adeemsifaman;
 - i. Walumaa galatti ijaarsa baasiin isaanii hanga qarshii 5,000,0000 tti tilmaamamu;
- 3 Ijaarsawan sadarkaa Ol'aanaa
 - a. Ijaarsa darbii 6 fi isaa ol ta'e;
 - b. Ijaarsa Dhaabbilee Tajaajila Geejjibaa Sadarkaa Addunyaa, Biyyooleessa

- fi Magaalatti kan ijaaraman;
- Ijaarsawan Dhaabbilee Dippilomaatotaa yookiin;
 - Bal'inni qabiyyee kareemeetira 5,001 fi sanaa ol irratti ijaarsaalee adeemsifaman,
 - Mana jirenyaa yeroo tokkotti manneen 80 ol ijaaramuu qabu;

38. Ijaarsa Jalqabuu

- Yeroon heyyamni ijaarsaa itti kennamu, guyyaa waliigalteen liizii itti mallattaa'e irraajalqabee ijaarsa xiqqaafji'a 3(sadii); ijaarsa giddu-galeessaaf ji'a 6(jahaa) fi ijaarsa ol'aanaaf ji'a 9(sagal) caaluu hin qabu.
- Yeroon heyyamni ijaarsaa itti kennamu kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) caalee yoo argame dhimmichi sakatta'amee bu'uura Labsichaatiin qaamni yookiin namni itti gaafatamuu jiraachuu qaba.
- Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti kan ibsaman akkuma eegametti ta'ee; Abbaan qabiyyee dizaayinii yeroon daangefameef keessatti dhiyeessuu dhabu isaatiin yeroon dizaayiniin dhiyaachuu qabu kan darbe ta'u ilee, yeroon ijaarsi itti eegalamu lakkaa'amu kan jalqabuu guyyaa waliigaltee liizii raawwate irraa kaasee ta'a.
- Yeroon ijaarsi itti jalqabamu, yeroon heyyama ijaarsaa fudhatamee irraa eegalee; ijaarsa xiqqaaf hanga ji'a jahaaf, ijaarsa sadarkaa giddu-galeessaaf tiif hanga ji'a sagalii fi ijaarsa sadarkaa ol'aanaa tiif hanga ji'oota kudha saddeetii ta'a.
- Namni lafti liiziin heyyamameef kamiyyuu guyyaa heyyama ijaarsaa fudhate irraa eegalee; yeroo sadarkaa ijaarsichaatiif taa'e keessatti ijaarsa eegaluu qaba.
- Qaamni dhimmi ilaallatu bu'uura Labsii, keewwata xiqqaa (2) tiin baaxii daangaan yeroo ijaarsi itti jalqabamu ofeegannoo waliin yemmuu dheerressu; ijaarsa xiqqaaf ji'a jaha, ijaarsa giddugaleessaaf ji'a sagalii fi ijaarsa ol'aanaaf wagga tokko caaluu hin danda'u.
- Keewwata kana, keewwata xiqqaa (4) fi (6) jalatti kan ibsaman yeroon ijaarsi itti jalqabamu dabalataan heyyamamuun, haala kamiiniyyuu gaaffii yeroo dabalataa xumura ijaarsaaf dhiyaatuuf sababa ta'uu hin danda'u.

39. Ijaarsa xumuruu

- Namni lafti liiziidhaan heyyamameef kamiyyuu guyyaa heyyama ijaarsaa

fudhate irraa eegalee akkaataa sadarkaa fi gosa ijaarsaatiin daangaa yeroo ijaarsicha xumuruuf kaa'ame keessatti ijaarsa xumuree tajaajilaaf qopheessuu qaba.

2. Ijaarsawan sadarkaa xiqqaaf hanga ji'ota 24, ijaarsawan giddugaleessaaf hanga ji'ota 36 fi ijaarsawan ol'aanaaf hanga ji'ota 48 titti yeroo xumura ijaarsa ni qabaatu.
3. Keewwata kana, kewwata xiqqaa (2) keessatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee; ijaarsawan sadarkaa xiqqaaf yeroo tokkoof off-eeganno wajjiin yeroon xumura ijaarsaa dabalataan ji'a jahaaf heyyamuu ni danda'ama.
4. Keewwata kana, kewwata xiqqaa (3) jalatti kan ibsaman akkuma eegametti ta'ee; ijaarsawan giddugaleessa fi ol'aanaaf off-eeganno wajjiin yeroon xumura ijaarsaa waggaa tokkoo heyyamamuufi ni danda'ama.
5. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (3) fi (4) keessatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee; bu'uura Labsichaa keewwata 23 keewwata xiqqaa (3) keessatti tumameen guyyaa heyyamni ijaarsaa kennameef irraa jalqabee haala kamiinuu yeroon xumura ijaarsaa: ijaarsawan sadarkaa xiqqaa, giddugaleessa fi sadarkaa ol'aanaaf akkaataa walduraa-duuba isaaniitiin waggaa 2 fi ji'a 6, waggaa 4 fi wagga 5 ol heyyamamuun hin danda'amu.
6. Keewwata kana, kewwata xiqqaa (5) jalatti kan ibsame jiraatullee; piroojaktootni gurguddoo fi misooma qindaa'aa barbaadan, bal'inni lafa isaanii kaaremetira 100,000 ol ta'aniif sagantaan addaa qophaa'eefi, waliigaltee addaa dursee taasifamuun, gama Birootiin mirkanaa'ee kan raawwatamuun ta'u.
7. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) hanga (6)tti kan ibsaman akkuma jiranitti ta'ee; sagantaa deebisanii haaroomsuu fi ijaarsawan biroo faayidaa ummataaf jecha yeroo gabaabaa keessatti akka xumuraman barbaadamaniif yeroo kaa'ameen gaditti raawwatamuun ni danda'a. Tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaawu ta'a.
8. Ijaarsawan xumuramuu qaban yeroon hayyama ijaarsaa lakkaa'amuu kan jalqabu guyyaa waliigalteen liizii mallatteefame irraa eegalee ta'a. Yeroo ijaarsi itti jalqabamuu fi ijaarsi itti xumuramu dheeressuun hin dandaa'amu.

40. Qabiyyeewan yeroo ijaarsi itti jalqabamu irra darbe;

1. Qaamni dhimmi ilaallatu ragaa namoota liiziin lafti heyyamameef qabachuun yeroon jalqabbii ijaarsaa osoo hin darbin yoo xiqlaate ji'a lama dura karaa

mijataa ta'een bakka teessoo isaanitti xalayaadhaan yookiin beeksisa bakka lafichi itti argamutti maxxansuu dhaan yookiin gabatee beeksisaa ummata naannichaatti argamu irratti maxxansuudhaan off-eeggannoon kennamuu qaba.

2. Namni daangaan yeroon ijaarsa itti jalqabu jalaan darbe sababa itti jalqabuu dadhabeef, fulduratti ijaarsicha jalqaabuuf qophii fi humna qabu daangaan yeroo ijaarsa itti jalqabuu qabu osoo hin xumuramin yookiin yeroo ji'a tokko hin caallee keessatti qaama dhimmi ilaallatuuf barreffamaan dhiyeessuu qaba.
3. Gaaffiin dhiyaate fudhatama yoo argatee fi lafichi daangaa lafa deebisanii misoomsuu magaalaan ala yoo ta'e; yeroon dabalataa dambii kana keessatti ibsame hayyamamuufin ni danda'a.
4. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (3) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee; gaaffiin yeroon naaf haa dheeratu yeroo kana keessatti yoo hin dhiyaatin rakkoon humnaa ol ta'e, qunnamu isaa ragaan mirkanaa'ee yoo dhiyaate malee fudhatama hin qabu.
5. Namni eeyyama ijaarsaa yeroo dabalataan argate, yeroo heyyamameef keessatti yoo ijaarsa hin eegalle yookiin gaaffiin yeroo dabalataa dhiyaate fudhatama kan hin argatin yookiin dhiyaatee kan hin gaafanne yoo ta'e, waliigalteen addaan citee Bulchiinsi Magaalaan laficha deebisee fudhachuu ni danda'a.
6. Namni sababa ijaarsa jalqabuu dhabuutiin waliigalteen liizii addaan jalaan cite bu'uura keewwata 22, keewwata xiqqaa (4) Labsichaa tiin adabbin tumame kan irratti raawwatu ta'a.

41. Qabbiyyeewan Yeroon Ijaarsa Xumruu Irra Darbe;

1. Bu'uura Dambii kanaa, keewwata 39, keewwata xiqqaa (3) fi (4) tiin namni ijaarsa yeroo kaa'ame keessatti osoo hin xumurin irra darbe, yeroo ji'a tokko hin calle keessatti sababa xumuruu dhabeef ragaa qabu dhiyessee akka ibsu qaamni dhimmi ilaallatu barreffamaan waamicha gochuufi qaba.
2. Abbaan mirgaa waamichi darbeef guyyaa hojii 10 keessatti dhiyaatee rakkoo isaa yoo hin ibsine yookiin sababa amansiisaa dhiyeefachuu yoo baate, daangaan ijaarsaa xumuruuf kaa'ame yeroo dhumerraan kaasee hanga guyyoota deebii kenneetti, gatii liizii waliigalaa irraa kan shallagamu adabbi % 0.15 tokkoon tokkoon ji'a dabalamuuf al tokkoon akka kafalu ni taasifama.

3. Abbaan mirga liizicha guyyaa 10 keessatti dhiyaatee yoo iyyate yookiin bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin adabamee, sababa humnaa ol ta'een ijaaarsicha xumuruu akka dadhabe ragaadhaan yoo mirkaneesse, adabbii malee akkaataa dambii kana keewwata 39 keewwata xiqqaa (3 fi 4) tiin yeroo dabalataa heyyamamuufi ni danda'a.
4. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (3)'n yeroo dabalataan kennameef keessatti ijaarsa xumuruu yoo dadhabe, ijaarsi ijaarame ijaarsa waliigalaa heyyamame keessaa %10 gadi yoo ta'e bu'uura Labsicha keewwata 23, keewwata xiqqaa 6 tiin waliigaltichi addaan citee qaamni dhimmi ilaallatu lafa harkaa fudhachuu ni danda'a.
5. Keewwata kana keewwata xiqqaa (4) jalatti kan ibsame jiraatullee, kan laficha irratti ijaarame ijaarsa waliigalaa keessaa %10 fi sanaa ol yoo ta'e, bu'uura labsichaa keewwata 23, keewwata xiqqaa (7) irratti tumameen akkaata barbaachisummaa isaatti akka raawwatamu ni taasifama.
6. Abbaan mirgaa liizicha daangaa yeroo ijaarsaa dabalataan kennameef keessatti ijaarsicha xumuruu dadhabuu isaa qaamni dhimmi ilaallatu yoo irra gaye bu'uura Labsii keewwata 23, keewwata xiqqaa 4 (a-c) tiin daangaan yeroo kennameef akka yeroo dabalataa ijaarsa xumuruuf kennameetti kan fudhatamu ta'a.
7. Bu'uura labsichaa keewwata 23 keewwata xiqqaa (7) tiin caalbaasii baheen abbaa qabeenyaa dorgomee moo'ateef maqaan akka naanna'uuf ni taasifama. Qaama dhimmi ilaallatu waliinis waliigaltee haarawa ni raawwatama.

42. Lafa Liiziin Kenname Irratti Jijiirraa Tajaajilaa Hayyamuu;

1. Akkataa pilaanii magaalaatiin lafa liiziin kennname irratti damee hojii walfakkatuuf gaaffiin jijiirraa tajaajilaa yemmuu dhiyaatu, tajaajila gara fuulduraa naannoo sana jiruu wajjiin kan wal hin faallessine yoo ta'e, jijiirraa tajajilaa eeyyamuun ni danda'ama.
2. Gaaffichi, jijiirraa ramaddii pilaanii (jijiirraa Zooningii) kan barbaachisu yoo ta'ee; ogganaa waajjira qaama raawwii fi hordoffi pilaanii ilaallatuuf dursee dhiyaatee murtoo argachuu qaba.
3. Jijiirraan tajaajilaa yemmuu heyyamamu bu'uura waliigaltee duraan waliigalteen liizii ni mallatteeefama.
4. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (3) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee waliigalteen jijiirraa tajaajilaa duraan mallattaa'e, baaxii bara liizii jijiirameef kan caalu yoo ta'ee fi jijiiramni gatii yoo jiraate akkaataa baaxii bara tajaajilichaaf kennamee fi gatii liizii haaraatiin waliigalteen kan

raawwatamu ta'a.

5. Dambiin kun bahuun dura qaamni dhimmi ilaallatu osoo hin beekin yookin osoo hin mirkaneessin jijiirraan tajaajilaa raawwate kamiyyuu pilaaniin fudhatama yoo argate qofa, tilmaama gatii ijaarsa irraa dhibbeentaa zeeroo tuqaa sadi (**%0.3**) kafalchiisuu dhaan, bu'uura dambii kana keessattii tumameen jijiirricha akka sirreffamu ni taasifama.
6. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (5) jalatti kan tumame akkuma eggametti ta'ee; dambiin kun erga ragga'ee booda, keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti kan tumameen ala haala kamiinuu jijiirraan tajaajilaa raawwatamee yoo argame:
 - a) Pilaanii magaalichaan kan hayyamamu yoo ta'e, gatiin liizii ol'aanaa naannichaa bal'ina waliigalaa qabbiyyichaatiin baay'ifamee adabbii dhibbeentaa zeeroo tuqaa sadi (**%0.3**) akka kaffaluu taasifamee jijiirraan eeyyamamu ni danda'a;
 - b) Gatiin liiziis haala jijiirraa tajaajilaa haarawaatiin sirreffamee adabbichi itti ida'amee bara kafaltii liizii hafu keessatti akka kafalu ni taasifama.
7. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (6) irratti kan tumame akkuma eegametti ta'ee; kafaltiin liizii jijiirraa tajaajilichaaf kafalamu gatii liizii gosa tajaajila kan duraa gadi yoo ta'ee; tilmaama gatii liizii waliigalaa duraatiin shallagamee adabbii dhibbeentaa zeeroo tuqaa sadi (**%0.3**) kafalee jijiirraan heeyyamuufii ni danda'a.

43. Rammaddii pilaanii jijiirraan tajaajilaa irratti akka hin raawwanne dhorkame

1. Iddoowwan Pilaanii irratti ramaddii Isaanii Magariisuu; bosona; paarkii fi tuttuqqaarrraa bilisa akka ta'an daangeeffaman.
2. Iddoowwan ramaddii Isaaniin arkiyooloojiikaal ta'an yookiin haala teessuma uumamaa Isaaniitiin bifaa addaatiin kan qabamanfi;
3. Tajaajilawan faalama naanno uumuu danda'an kamiyyuu ramaddii pilaanii Isaaniitiin ala gaaffiin jijiirraa tajaajilaa dhiyaatu fudhatama hin qabu.

44. Rammaddiiwan haala addaatiin Jijiirraan tajaajilaa irratti raawwatamu danda'u;

1. Jijiirraan ramaddii pilaanii kan irratti hin heyyamamne ta'ee, haalli dirqisiisaan yookiin amansiisaa ta'e yemmuu jiraatu:
 - a. Dirree ispoortii;
 - b. Lafa gabaa, buufata konkolaataa, iddo amantaa fi iddo awwalaaf kan ramadaman hawaasa dhimmi ilaallatu mari'achiisuudhaan yemmuu

waliigaltee irra gahamu haala addaatiin jijiirraan tajaajila irratti raawwatamu ni danda'ama.

2. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) jalatti dhimmoota ibsaman irratti jijiirraan ramaddii hayyamamu kan danda'u, qaama pilaanii magaalaa raawwachiisuuf hundaa'een yoo mirkanaa'e qofa ta'a.

Kutaa Saddeet

Mirga Liizii Dabarsuu

45. Mirga liizii lafa ijaarsi irratti hin jalqabamne dabarsuu.

Raawwiin mirga liizii dabarsuu bu'uura Labsiichaa, keewwata 24 tiin hojii irra kan oolu ta'ee:

1. Abbaan qabiyyee liizii kamiyyuu yeroon ijaarsa jalqabuu dambii kana keewwata 38(4) jalatti kan ibsame, osoo hin darbin dura mirga liizii qaama 3^{ffaaf} dabarsuu ni danda'a.
2. Abbaan mirgaa liizii kamiyyuu dhaalaan ala bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin mirga isaa yemmuu dabarsuu, akkaataaa Labsicha, keewwata 24 kewwata xiqqaa (2) keessatti tumameen kan raawwatamu ta'a.
3. Shallaggii gatii mirgi liizii ittiin darbu yookiin gurguramu, akkaataa dambii kanaa keewwata 48 irratti ibsameen bu'uura gatii qaamni dhimmi ilaalu murteessuun ta'a.
4. Adeemsa mirga liizii dabarsuu yookiin gurguruu irratti qaamni komii qabu; komii isaa qaama dhimmi ilaallatuuf barreeffamaan dhiyessuu ni danda'a.
5. Qaamni dhimmi ilaallatus guyyaa hojii 15 keessatti laficha caalbaasiif dhiyessuun akkaataa keewwata 24, kewwata xiqqaa 2 fi 3 (a fi c) labsichaa irratti ibsameen mirga isaa kan eegsisuuf ta'a.
6. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (4) fi (5) keessatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee; abbaan mirgaa gatii itti gurguramutti waliigaluu yoo baatee fi lafti caal-baasiin akka bahu feedhii kan hin qabne yoo ta'e; qaamni dhimmi ilaallatu, bu'uura Labsicha keewwata 24, keewwata xiqqaa 3 (a) keessatti ibsameen kaffaltii dursee raawwachuun laficha deebisee fudhachuu ni danda'a.

7. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (6) irratti kan tumame akkuma eegametti ta'ee; tilmaama kaffaltii ijaarsa laficha irratti qubate ilaachisee lafichi qaama 3^{ffaatti} erga darbee booda gatii caal-baasii liizii ol'aanaa lafa naannoo sanaa, baasiwwan adeemsichaaf bahanii fi akkaataa seeraatiin adabbiin hir'ifamee garaagarummaan kan hafu abbaa mirgaatiif ni deebi'a. Tarreefamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaau ta'a.
8. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (6) tiin, qaamni dhimmi ilaallatu daangaa yeroo seeraan murtaa'e osoo hin gahin dura; laficha deebisee fudhachuu kan danda'u abbaan mirgaa waliigaluu isaa barreefamaan yoo dhiyeesse qofa ta'a.
9. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) tiin mirgi liizii gurgurtaan gara qaama 3^{ffaatti} darbe, jijiirraan maqaa kan raawwatamu, gatii bulchiinsi magaalaa shallagee yookiin irratti waliigalee irraa:
- a. Gurguraan kafaltii duraa yookiin kafaltii duraa ol kaffaltii kan raawwate yoo ta'e; maallaqni kun Baankii Daldala Itoophiyaa herrega qusannaa keessa osoo taa'ee jiraatee dhala argachuu qabu wajjiin garaagarummaa gatii liizii duraanii fi gatii gurgurtaan amma argame irraa dhibbentaa shan (%5) ni kennamaaf;
 - b. Kafaltiin keewwata kana keewwata xiqqaa 9(a) irratti ibsame kan raawwatamu, garaagarummaa argame irraa dhibbentaa shan (%5) hir'ifamee kafaltiin hafe mootummaaf yemmuu galii ta'uu fi bitataan kaffaltii liizii barbaachisaa raawwachuuf qaama dhimmi ilaalu wajjin waliigaltee erga raawwate booda ta'a.
10. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa 9 (b) tiin qaamni dhimmi ilaalu maallaqa galii taasifamuuf haala waliigaltee isaaniitiin bitataa yookiin gurguraa irraa fudhachuu ni danda'a.
11. Keewwata kana, keewwataa xiqqaaa 9 (a) fi (b) irratti kafaltiwwan ibsaman raawwatinsa kan qabaatan gatii gurgurtaa irraa argame qofa irratti ta'a.

46. Mirga liizii lafa ijaarsi walakkaa gadi irra qubate darbsuu

1. Abbaan qabiyyee liizii kamiyyuu yeroon ijaarsa xumuramuuf murtaa'e osoo hin darbin mirga liizii lafa ijaarsi walakkaa gadii irra qubate qaama 3^{ffaatti} dabarsuu ni danda'a.
2. Misooma Riil-Isteetii ilaachisee manneen tokkoon tokkoon ijaarsi isaa xumuramee abbaan qabeenya qabiyyicha misoomse, akkaataa waliigaltee galeen itti fayyadamaaf dabarsuuf mirga qabu.
3. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) irratti kan tumame akkuma eegametti

ta'ee, dhaalaan ala Riil-Isteeticha guutummaa guututti gara qaama 3^{ffaatti} dabarsuu yoo barbaade; bu'uura dambii kanaa keewwata 2 keewwata xiqqaa 19 (c) irratti ibsameen bilookii hunda irratti ijaarsa raawwachuu qaba.

4. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) tiin gatiin mirgi liizii ittiin darbe; qaama dhimmi ilaallatuuf kan dhihaatu gatii gurgurtaa mirga liizii fi gatii ijaarsa kan jedhuun addaan bahee ta'a.
5. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) tiin lafa liizii ijaarsi walakkaa gadi irratti raawwate qaama 3^{ffaaf} dabarsuun kan danda'amu, abbaan mirgaa gatii gurgurtaa mirga lafa liizii qaama dhimmi ilaallatu murteessu irratti yoo waliigale qofa ta'a.
6. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) hanga (5) tti ibsameen mirgi liizii dhaalaan ala gara qaama 3^{ffaatti} darbe jijiirraan maqaa kan raawwatamu namni mirga isaa dabarsuu:
 - a. Kafaltii duraa yookiin;
 - b. Kafaltii biroo qaama dhimmi ilaallatuuf kafalee, mallaqni kanaa fi maallaqichi herreega qusannoo Baankii Daldala Itoophiyaa osoo taa'e dhala argachuu qabu;
 - c. Galiin garaagartummaa gurguurtaa irraa argamee (%95) hir'ifamee mootummaaf galuu qabu yemmuu galii ta'uu fi
 - d. Bitataan fuulduraatti kafaltii liizii barbaachisaa ta'e raawwachuuuf qaama dhimmi ilaallatuun wajjiin waliigaltee erga mallatteesse booda ta'a.
 - e. Waliigalteen haaraa bitataa waliin yemmuu raawwatamu, abbaan qabiyyee duraa yeroo lafichatti fayyadame yaada keessa akka galu ni taasifama. Tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
7. Bu'uura kewwata kana, keewwata xiqqaa 5 irratti ibsameen mirga liizii dabarsuu irratti qaamni komii qabu qaama dhimmi ilaallatuuf barreffamaan dhiheesuu ni danda'a.
8. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (7) irratti ibsameen komii dhiyaateef qaamni dhimmi ilaallattus dhimmicha gadifaggeenyaa ilaalee komiin dhiyaate sirrii ta'uu isaa yoo itti amane guyyoota hojii 15 keessatti laficha caal-baasiif dhiyeessee bu'uura Labsiichaa; keewwata 24; keewwataa xiqqaaa (3) tiin mirgi isaa kan eegsiisuuf ta'a.
9. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (8) tiin gatiin ka'umsa caal-baasii gatii gurgurtaa mirga lafa liizii fi gatiin ijaarsaa ida'amlee firii argame

ta'a.

10. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (9) tiin tilmaamni ijaarsa qaama dhimmi ilaaluun haala ifa ta'een kan tilmaamu ta'a.
11. Ijaarsicha tilmaamuuf baasiwwan bahan yoo jiraatan gurgurtaa irraa akka hir'ifamu ni taasifama. Tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

47. Mirga lafa liizii ijaarsi osoo hin xumurin dabarsuu irratti dhorkaawwan kaa'amani

1. Bu'uura Labsii, keewwataa 24, keewwataa xiqqaaa (7) tiin lafa qabatanii tursiisuun faayida gabaa yeroo lafaa irraa argamu argachuuf jecha ijaarsa osoo hin jalqabin yookiin ijaarsa walakkaa fi walakkaa ol osoo hin ijaarin dura waggaa sadii keessatti yeroo sadi mirga liizii isaa yoo dabarse waggaa lamaaf caal-baasii liizii lafaa kamiiyyuu irraa ni dhorkama.
2. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) tiin namni dhoorkaan irratti murtaa'e; yeroo dhoorkame keessatti adeemsa caal-baasii irratti yoo hirmaate caal-baasiicha irraa haqamee qarshiin caal-baasii kabachiisuuuf qabsiise bulchiinsa magaalaaf galii ta'a.
3. Adabbiin keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) irratti ibsame akkuma jirutti ta'ee; caalbaasii irratti akka hin hirmaanne yeroo dabalataa waggaa tokkoof turtii dhorkaan ni dheerata.

48. Gatii mirgi liizii ittiin gurguramu yookiin ittiin darbu.

1. Abbaan mirga liizii kamiiyyuu lafa ijaarsi irra hin qubatin yookiin lafa ijaarsi walakkaa gadi irratti raawwate gara qaama 3^{ffaatti} yemmuu dabarsu gatii mirgichi ittiin darbu qaama dhimmi ilaallatuun kan murtaa'u ta'a.
2. Gatiin gurgurtaa mirgi liizii kan murtaa'u naannoo laftichi darbetti gatii caalbaasii ol'aanaa yeroo sanatti jiruu fi gatii kanaan dura ittiin fudhate walitti ida'uun lamatti goodamee firii giddugaleessaan argamuun ta'a.
3. Gatii bitataan lafichatti fayyadamuuf kenne akkaata keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) tiin firii giddugaleessaan argamee walqixa yookiin isaa ol yoo ta'e, adeemsi dabarsuu fudhatama ni qaabaata.
4. Bitataan gatii yoo hin kennin; gatiin bittaa mirga liizichaa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti haala ibsameen kan raawwatamu ta'a.
5. Bu'uura Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin firii giddugaleessaan argame gatii kanaan dura abbaa mirgaatiif ittiin darbee gadi yoo ta'e; qaamni dhimmi ilaallatu ida'ama lamaanii irraa gatii gurguurtaa fooyya'e ni murteessa.
6. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (3) keessatti kan ibsame akkuma

eeggametti ta'ee; gatii bitataan dhiyeesse bu'aa giddugaleessaan argame gadi yoo ta'e; bulchiinsi magaalaa bu'aa giddu galeessaan argame ka'umsa gochuudhaan laficha caalbaasiif ni dhiyessa.

Kutaa Sagal

Mirga liizii wabiidhaan qabsiisuu

49. Miraga lafa liizii ijaarsi irratti hin raawwatamin wabummaan qabsiisuu yookiin akka gumaacha Dilbootii/Kaapitaalaatti fayyadamuu.

1. Abbaan qabiyyee liizii kamiiyuu; bu'uura Labsiichaa; keewwata 24 tiin ijaarsa osoo hin jalqabin mirga liizii isaa wabiin qabsiisuu yookiin kafaltii duraa kafale akka gumaacha kaappitaalaatti fayyadamuu ni danda'a.
2. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) keessatti tumameen mirga liizii wabiidhaan qabsiisuu kan danda'u; kafaltii liizii duraa yookiin kafaltii dura irratti kafaltii dabalataa kan kafale yoo ta'e; hanga kafaltii raawwatee irraa akkaataa keewwata 22, keewwata xiqqaa (3) labsiichaa tiin kafaltiawan hir'ifamuu qabanii fi kafaltiin yeroo lafichatti fayyadame irraa herreegamee maallaqa hafe qofa irratti ta'a.
3. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa 2 tiin namni mirga liizii wabiidhaan qabsiisee dirqama bahuu qabu bahuu dhiisuu isaatiif seeraan itti gaafatama.

50. Lafa ijaarsi irra jiru wabiin qabsiisuu yookiin akka gumaacha Dilbootti/Kappitaalaatti fayyadamu.

1. Abbaan qabiyyee liizii kamiiyuu; qabiyyee ijaarsi sadarkaa kamiiyuu irra qubate mirga liizii isaa wabiin qabsiisuu yookiin akka gumaacha kaappitaalaat fayyadamuu ni danda'a.
2. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) keessatti tumameen mirga liizii wabiidhaan qabsiisuu kan danda'amu; kafaltii duraa fi kafaltii dabalataa biroo kan raawwate yoo jiraate, hanga kafaltii raawwateetti ta'a.
3. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (2) keessatti kan ibsame akkuma jiruutti ta'ee, bu'uura labsiichaa keewwata 22; keewwataa xiqqaaa (3) tiin kan hir'ifamuu qabuu fi kafaltiin yeroo lafichatti fayyadamee irraa herreegame qarshii hafu fi tilmaama ijaarsa shalagame irratti qofa ta'a.
4. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqaa (3) keessatti ibsameen ragaan hanga mirga liizii qaama dhimmi ilaaluun kan kennuuf yemmuu

ta'u, tilmaama gatii ijaarsa baasuuf itti gaafatatummaan kan qaama wabiidhaan qabatuu ta'a.

5. Qaamni qabiyyicha wabiidhaan qabatu; tilmaama qabeenyaa fi hanga maallaqa liqeessee qaama idaa galmeessuuf barreffamaan beeksisuu qaba.
6. Dambiin kun osoo hin bahin dura mirgi liizii wabiidhaan qabamee guyyaa dambiin kun ragga'e irraa eegalee wagga tokko qofaaf sirna duriitiin kan rawwatamu ta'a.
7. Keewwata kana, keewwata xiqqaa 6 keessatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, qabiyyeen wabiidhaan qabamee idaa liizii qabu:
 - a. Ijaarsi kan irratti jalqabamee; yookiin
 - b. Ijaarsi isaa walakkaadhaa gadi kan irra qubate ta'ee idaa irra jiru osoo hin xumurinii kan gurguramu yoo ta'ee, qaamni dhimmi ilaallatu idaa liizii hafe dursee gurguraa irraa kan argatu ta'a.
 - c. Keewwata kana keewwata xiqqaa 7(a-b) keessatti haala ibsameen mirgaa fi dirqamni abbaa qabbiyyee, bu'uura Labsii keewwata 24, keewwata xiqqaa (8) tiin kan raawwatamu ta'a.
8. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (7) keessatti ibsameen, idaan liizii kan hafe yoo jiraate bulchiinsi magaalaa jijiirraa maqaa raawwachuu hin qabu.

Kutaa Kudhan

Akkaataa Barri Liizii Itti Murtaa'u, Haaromsa Walii-galtee Liizii fi Walii-galtee Liizii Addaan Kutuu.

51. Akkaataa murtii bara liizii

Barri liizii lafa magaalaa bu'uura dambii kana keewwata 31 jalatti ibsameen ta'a. Bara liizii hojiwwan misoomaa tajaajila adda addaa labsichaa fi dambii kana kessatti ifatti hin tumamin akkaata "Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa" murteessuun kan raawwatamu ta'a.

52. Haaromsa Walii-galtee Liizii

1. Haalli haaromsa bara liizii bu'uura Labsichaa keewwata 19 tiin kan raawwatamu ta'a.
2. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) keessatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee; sababa armaan gadiitiin waliigalteen liizii haromsamuu dhiisuu ni dandaa'a.
 - a. Jijiirama pilaanii magaalaa tiin ;
 - b. laftichi faaydaa ummataatiif yemmuu barbaadamu;
 - c. Abbaan qabiyyee misooma duraanii sadarkaa fi haala misoomaa laftichi gaafatuutti jijiruu kan hin dandeenye yoo ta'e, waliigaltee liizii haaromsuu dhiisuun ni danda'ama.

53. Haaromsa Waliigaltee Liizii Yeroo Gabaabaa,

1. Waliigalteen liizii yeroo gabaabaa lafichi misooma birootiif kan hin barbaadamne ta'uu qaama dhimmi ilaaluun yoo mirkanaa'e yeroo tokko qofaaf haaromsuun ni danda'ama.
2. Waliigalteen haaromsamu wagcaa shan caaluu hin danda'u.
3. Lafti gabatee beeksisa dhaabuuf kenname yeroof kan hin barbaadamne fi sochii tiraafikaa irratti rakkoo kan hin uumne ta'uun isaa mirkanaa'aa yeroo yeroon haaromsuun ni danda'ama. Tarreefaminni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

54. Addaan citiinsa waliigaltee liizii fi haala kaffaltii beenyaa

1. Waliigalteen qabiyyee liizii lafa magaalaa bu'uura Labsichaa keewwata 25, keewwata xiqqa 1(a) tiin yemmuu addaan citu; baasii fi adabbiin barbaachisu hir'ifamee kafaltiin liizii kafalamee ture abbaa mirgaatiif akka deebi'u ni taasifama.
2. Waliigalteen liizii, bu'uura Labsichaa keewwata 25, keewwata xiqqa 1(b) tiin waliigalteen yoo addaan cite akkaataa seeraatiin abbaa qabiyyeef beenyaan madaalawaa ta'e ni kafalamaaf.
3. Waliigalteen qabiyyeen liizii lafa magaalaa bu'uura, keewwata 25 keewwata xiqqa 1 (c) labsichaatiin yemmuu addaan citu abbaan qabbiyyee, yeroo wagga tokko hin caalle keessatti qabeenya laficha irra jiru kaasuudhaan bulchiinsa magaalaaf deebisuu qaba.
4. Abbaan qabbiyyichaa akkaata keewwata kana, keewwata xiqqa 3 keessattii ibsameen daangaa yeroo kennameef keessatti qabeenya isaa yoo kaasuu baate, bulchiinsa magaalaa qabeenyichaaf kafaltii osoo hin raawwatin laficha fudhachuu ni danda'a. Raawwii isaaf barbaachiisaa ta'e yoo argame, poolisii ajajuu ni danda'a.

55. Iyyata Dhiyyeessuu fi Bu'aa isaa

Lafa magaalaa gadi dhiisisuu waliin walqabatee iyyannoowwan dhiyaatanii fi murteewan kennaman irratti ol-iyyannoon dhiyyatu akkaataa keewwata 28, 29 fi 30 labsichaa tiin kan raawwatamu ta'a.

56. Kenniinsa Ajaja Lafa Magaalaa Gad-lakisisuu

1. Qaamni dhimmi ilaallatu ajaja gadi lakisiisuu yookin of-eegannoo abbaa qabbiyyichaaf barreeffamaan kennuu qaba. Yeroon raawwii ajaja gadi lakisiisuu yookiin of-eegannoon kennamu guyyoota 90 dura ta'ee, haala qabatamaa qabeeyna laficha irra jiruun guyyaan dabalataa hanga guyyoota 30tti kennamu ni danda'a.
2. Ajajni yookiin of-eegannoon akkaataa keewwata kana; keewwata xiqqa (1) tiin kennamu tooftaa armaan gadiitiin abbaa qabbiyyichaa akka gahu ni taasifama.
 - a. Teessoo isaatiin barreeffamaan akka ga'u ni taasifama.

- b. Teessoodhaan kan hin argamne yoo ta'e; bakka qabiyyee gadi dhiisisu irratti maxxansuudhaan;
 - c. Bulchiinsi Magaalaa gabatee beeksisaa fi iddoowan ummanni itti walghutti akka maxxanfamu taasisuun;
 - d. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqa 2 (b) fi (c) tiin beeksifni maxanfame abbaa qabiyyichaa akka ga'eetti fudhatama.
3. Qabbiyyee ajajaan gadhiifamu irra qabeenyi Mootummaa yoo irra jiraate; ajajni gadi dhiisisuu kan dhaqqabu qaama mootummaa qabeenyicha bulchuuf ta'a.
4. Bu'uura keewwata kana, keewwata xiqqa (3) keessatti ibsameen qabeenyi ajajni of-eegannoo irratti kennname kan kireefame yoo ta'e;
- a. Qaamni ajajni isa dhaqqabe yeroon of-eegannoo xumuramuun dura tarkaanfi waliigaltee kiraan addaan kutuu dandeessisu fudhachuu qaba.
 - b. Lafa magaalaa gadi-dhiisisuu waliin walqabatanii dhimmoonni raawwatamu qaban bu'uura Labsichaa keewwata 27 fi 28 tiin kan raawwatamu ta'a.

Kutaa Kudha Tokko

Tumaalee Adda Addaa

57. Lafa Kanaan Dura Liiziidhaan Qabamanii Ijaarsi Hin Xumuramin

Kanaan dura qabiyyeewan liiziidhaan fudhatamanii ijaarsi isaanii hin xumuramin ilaalchisee yeroo ijaarsaaf dambii kana keessatti murtaaéen, bulchiinsa magaalaa fi abbootiin qabbiyyee haala irratti walii galaniin sagantaan baheefii kan raawwatamu ta'a.

58. Tumaalee Ce'umsaa

Dambiin kun mirkanaa'uun dura gaaffiin lafa fi lafa walqabatanii adeemsa irra jira yookiin murtii hin argatin jiran dambiin kun erga ragga'ee booda yeroo hanga ji'a sadii jiru keessatti xumuramuu qabu.

59. Adabbii

1. Dambii kanaa fi qajeelfamoota dambii kana rawwachiisuuf bahan hojii irra oolchuuf itti gaafatamaan yookiin hojjetaan ramadame kamiiyuu faayidaa hin malle ofii isaaf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun ;
 - a) Seeraan ala lafa magaalaa kan hayyame; hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudha shanii fi QR. 40,000 hanga QR. 200,000 ta'uun ni adabama.
 - b) Odeeffannoowwan caal-baasii ifa taasisuu yoo baate; adeemsa caalbaasii yoo waliin dhaye yookiin bu'aa caal-baasii yoo jijiire; hidhaa cimaa waggaa shanii hanga kudha lamaa fi qarshii 30,000 hanga 150,000 ni adabama.
 - c) Itti gaafatamaan yookiin hojjetaan kamiiyuu, haala dambii kana irratti tumameen ala raawwatee yoo argame; yookiin tarkaaffiwwan bu'uura dambii kanaan fudhatamuu qabu kan hin fudhanne yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shanii hanga kudha lamaa ta'uu fi QR. 30,000 hanga 150,00 kan ta'uun ni adabama.
 - d) Itti gaafatamaan yookiin hojjetaan kamiiyuu, badiiwwan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman dagannoodhaan yoo raawwate; hidhaa waggaa tokkoo hanga waggaa shanii fi QR. 10,000 hanga QR. 30,000 ta'uun ni adabama.
2. Namni kamiiyuu akkaataa dambii kanaan yookiin qajeelfamoota bu'uura dambii kanaan bahan darbee:
 - a. Lafa magaalaa yoo dalleesse (yoo axiree), yoo ijaarsa irratti raawwate; yookiin
 - b. Qabiyyee daangaa irraa qabutti yoo dabalate; hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga kudha shanii fi QR. 40,000 hanga 200,000 ta'uun ni adabama.

3. Dambii kan Keewwata 9 kan keewwata xiqaa 9 jalatti kan tumame darbuudhaan lafa magaalaa qabatee kan argamee yookiin qabiyyee seeraan alaa kan seera qabeessa taasiisee adabii hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga kudha shanii fi Qr. 40,000 hanga 200,000 ta'uun ni adabama.
4. Nami kumiyyuu lafa magaala irratti caal-baasii dorgomu ragaa sobaa yoo dhiheesse, odeeffannoo ibsuu qabu yoo dhokse yookiin dorgomaa biroo waliin walii galuun dorgommii sobaa yoo geggesse; hidhaa cimaa waggaa shanii hanga kudha lamaa fi qarshii 30,000 hanga 150,000 ta'uun ni adabama.
5. Seera yakkaatiin adabbii ol'aanaa kana adabsiisu yoo ta'e malee; badiiwan keewwata kana keewwata xiqqaa (1 hanga 3) jalatti ibsaman qaamni/namni raawwatee argame, keewwata 35 labsichaa irratti kan tumame waliin haala walsimeen ni adabama.

60. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiyyuu dambii kana raawwachiisuu dirqama deeggarsa kennuu qaba.

61. Angoo Qajeelfama Baasuu

Dambii kana hojirra oolchuuf Biroon qajeelfama baasuu ni danda'a.

62. Seeroota Haqamanii fi Raawwatinsa Hin Qabaanne.

1. Dambiiwan lafa magaalaa Naannoo Oromiyaa liiziin bulchuuf bahan lakk. 1/1987, lakk. 3/1989, lakk. 10/1990, lakk. 16/1992, lakk. 24/1994, lakk. 99/1999, lakk. 114/2000, lakk. 119/2001 dambii kanaan haqamee jira.
2. Dambii lafa magaalota Naannoo Oromiyaa liizii fi kiraan bulchuuf bahe lakk. 128/2002 lafa sirna liiziitiin qabamee fi qabamu kamiiniyyuu irratti raawwatiinsa hin qabaatu
3. Dambii bulchiinsa invastimantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 141/2004 lafa magaalaa irratti raawwatinsa hin qabu.
4. Dambiin, qajeelfamnii fi hojmaanni dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimma dambii kana keessatti ibsaman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

63. Yeroo Dambii Kun Hojii Irra Itti Oolu.

Dambiin kun guyyaa 24/05/2005 irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a.

Alamaayyoo Atoomsaa

*Pireezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
Finfinnee*